INSTITIIYUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

Walitti Dhufeenya Dhaabbilee Sab-qunnamtii fi Manneen murtii Federaalaa fi Oromiyaa

Qorataan Faasil Saamu'eel

Gulaaltonni : Misgaanuu Mul'ataa fi

Milkii Makuriyaa

Waxabajjii, 2005

Adaamaa

Baafata

Mata-dure Fuula

BOQONNAA TOKKO 1

GUMEE QORANNOO 1

1.1. Seensa 1

1.2. Hima Rakkoo 5

1.3. Kaayyoo Qorannoo 6

1.4. Mala Qorannoo 7

1.5. Faayidaa Eegamu 8

1.6. Fayyadamtoota Qorannichaa 9

1.7. Daangaa Qorannichaa 9

BOQONNAA LAMA 10

MAALUMMAA FI HOJIMAATA SAB-QUNNAMTII 10

2.1. Maalummaa Sab-Qunnamtii 10

2.2. Seenaa Gabaabaa Sab-Qunnamtii Itoophiyaa 12

2.3. Mirga Odeeffannoo Argachuu Hawaasaa 16

2.4. Sab-Qunnamtii, Manneen Murtii Fi Amantaa Hawaasaa 19

2.5. Uwwisa Bal'aa dhimmootaa Murteen duraa(Pretrial publicity) 23

2.6. Wal-Diddaa Sabqunnamtii Bilisaa Fi Dhaddacha Madaalawaa: Haala biyyoota adda addaa keessatti itti keessumaa'an 25

BOQONNAA SADII 33

WALITTI DHUFEENYA DHAABBILEE SAB-QUNNAMTII FI MANNEEN MURTII: HAALA QABATAMAA BIYYAA FI NAANNOO OROMIYAA 33

3.1. Bu'aa Waliigalaa Odeeffannoowwan Funaanamanii 33

3.1.1. Seerotaa Fi Hojimaataalee Walitti Dhufeenyi Dhaabbilee Sab-Qunnamtii Fi Manneen Murtii Ittiin Hoogganaman 33

3.1.2. Hariiroo Sab-Qunnamtii Fi Manneen Murtii Yeroo Ammaa 35

3.1.3. Hubannoo Abbootiin Seeraa Dhimmoota Sab-Qunnamtiin Darbuu Qaban Irratti Qaban .36

3.1.4. Dhimmi Yakkaa Uwwisa Bal'aa Argachuun Isaa Abbaa Seeraa Dhimma Sana Ilaalu Irratti Dhiibbaa Fiduu Danda'aa.....37

3.2. Sakatta'a Daataa Sab-Qunnamtii Irraa Funaaname 38

3.3. Sakatta'a Bu'aa Odeeffannoo Af-Gaaffii Fi Marii Garee 40

3.3.1. Amantaa Hawaasaa Irratti Dhiibbaa Fiduu Danda'uu Isaani 41

3.3.2. Mirga Namoota Himatamanii Akka Bilisatti Tilmaamamuu Irraatti 45

3.3.3. Dhiibbaa Abbootii Seeraa Irratti Fidu Ilaalchise 46

3.3.4. Dhimmoota Akka Madda Waldiddaa Sab-Qunnamtii Ka'an 48

3.3.4.1. Rakkoo Hubannoo 48

3.3.4.2. Bilisummaa Ogummaa.....49

3.3.4.3. Wal-Amanuu Dhabuu 50

KUTA LAMMAFFAA.....51

3.2.1. xiinxala argannoowwan qorannoo 51

3.21.1. Seerota Walitti Dhufeenyi Sab-qunnamtii fi manneen murtii itti hoogganama 51

BOQONNAA AFUR.....59

Yaada Guduunfaa Fi Furmaataa 59

Yaada waligaala 59

Yaada Furmaataa 61

Wabiiwwan

BOQONNAA TOKKO

Gumee Qorannoo

1. Seensa

Guddinnii fi dagaaginni sirna dimokraasii biyya tokkoo ulaagaalee ittiin madaalamu keessaa sirna haqaa iftoomina qabu, seeraan qofa hojjatuu fi dhiibbaa qaamolee kamiinu irraa bilisa ta'ee hawaasa tajaajilu qabaachuu dha. Gama biraan sab-qunnamtiin bilisa ta'ee fi itti gaafatamummaan hojjatu jiraachuun isaa akka agarsiistu ciminaa fi sadarkaa guddina dimokraasii hawaasa tokkotti kan fudhatamu dha.

Bilisummaan manneen murtii fi dhaabbilee sabqunnamtii sirni dimokraasi itti- fufiinsa qabu akka mirkanaa'u gahee ol'aanaa xabata. Dhaabbileen sab qunnamtii waltajjii lammiileen odeffannoo irraa argatanii fi yaada ittiin waljijjiiran yoo ta'an, manneen murtee qaamolee mootummaa, waldhabbii falmitoota gidduttii dhimmoota yakkaa, sivilii fi bulchinsaan wal qabatee ka'an irratti murtee laachuuf aangoo qabanii dha.[1] Ibsa biraatiin manneen murtii iddoo lammileen mirgoota heera mootummaan beekamtii argatan itti kabajchiifatani dha.

Walitti dhufeenyi manneen murtii fi dhaabbilee sab-qunnamtii haala adda addaan kan ibsamuu danda'uu dha. Keessattuu mirga odeeffannoo argachuu lammiilee fi bilisummaa abbaa seerummaan wal qabatee daangaan uwwisa sab-qunnamtii fi mirgi namoota himatamanii maal ta'uu qaba inni jedhu yaada xiyyeeffannaa guddaa argachuu qabu dha. Akkasumas jaarraa 21ffaa keessatti sab-qunnamtiin akka qaama mootummaa afraffaatti kan ilaalamu ta'uu fi qaama odeeffannoo dhiyeessuun dabalataan, akka qaama to'annootti tajaajiluun isaa barbaachisummaa sab-qunnamtii daran kan cimu taasisa.

Sadarkaa adduynaatti biyyoota adda addaa keessatti guddinaa fi babal'ina sab-qunnamtii fi kabajamuu mirgoota dhuunfaa; mirga odeeffannoo argachuu hawaasaa fi mirga namoota himatamanii kabachiisuu, hojii abbaa seerummaa wajjiin wal-simsiisanii deemsiisu irratti yeroo adda addaatti rakkooleen qabatamaan mul'atanii jiru. Isaan kunis dhaabbileen sab-qunnamtii

[1] Walker, David(1980). The Oxford Companion to law. Oxford: Oxford University Press. fuula, 301

uwwisni dhimmoota tokko tokkoof laatan manneen murtii fi hojii abbaa seerummaa irratti kan dhiibbaa hin malle qaqabsiisan ta'uu isaatii.

Namoonni himataman akka mirgaatti dhimmi isaanii dhaddacha ifaa fi haqa qabeessa ta'een ilaalamuufi qaba.[2] Kana jechuun immoo gara biraatiin manneen murtii hojii isaanii seera qofa irratti hundaa'uudhaan dhiibbaa qaama kamiinu ala haala ta'een raawwachuu akka qaban kan agarsiisuu dha[3].

Gara biraatiin immo mirgi odeeffanno argachuu fi yaada biliisaan ibsuu lamillees kan heeraan tumamee fi mirga bu'uura kan ta'ee kaa'amee dha.[4] Yaad-rimeen rakkoo walitti dhufeenya dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtis bu'uuruma yaadolee armaan olitti caqasaman wajjiin kan deemu dha.

Kaayyoo fi hundeeffamni manneen murtii fi dhaabbilee sab-qunnamtii kan wal -deeggaru ta'uun isa ni hubatama. Kana malees bilisummaa isaanii kabachiisuufi kaayyoo hundeeffama isaanii galmaan ga'uuf gumaachi isaan waliif taasisan guddaa dha. Sab-qunnamtiin hojii manni murtii hojjetu hawaasa bal'aa biraan gahuun ,bilisummaan manneen murtii akka kabajamu, kenniinsii tajaajila abbaa seerummaa hawaasaaf ifa gochuun akka qeeqamuu fi fooyya'u gargaara. Kana malees manneen murtii hawaasa keessatti fudhatama akka argatan gama gochuutinis gumaacha ol'aanaa taasisu. Kana jechuun , gama biraatiin dhaabbileen sab-qunnamti kenninsii tajaajilli abbaa seerummaa saffisaa fi qulqullina- qabeessa akka ta'u gargaaru jechuu dha.

Gara biraatiin immoo manneen murtii mirgoota lamiillee gama hundaan kabajchiisuuf kan dhaabbatan yoo ta'u mirgoonni kunneen yeroo sarbamanis seera irratti hundaa'uudhaan furmaata laachuun hojii irra oolma fi ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'u hojjatu. Yaada ijoo kana deeggaruun prezidaantiin (Lord Justice) manneen murtii Inglaandiif Weelsii, akka ibsanitti hawaasa adduynaa kamiyyuu hojiin abbaa seerummaa dhiibbaa mootummaa jalatti kufe keessatti

[2] kwt.(20), Heera mootummaa RFDI, labsii lakk.1/1987

[3] preamble, UN Basic principles on the independence of the judiciary (resolution 40/146, Dec. 1985)

[4] Miiljalee Lakk. 2, kewt.(29)

miidiyaan bilisa ta'e itti lalisee fi miidiyaan mootummaan to'atamaa hojiin abbaa seerummaa haala heerri tumuun gaggeeffame hin turres hin jirus.[5]

Bilisummaan yaada ofii ibsuun barbaachisummaa sab-qunnamtiif dhagaa bu'uuraaati. Eenyummaa dhunfaa namootaa guddisuuf [6] mirga ofiin of bulchuu ummataa dhugoomsuuf (dhimmoota ummata ilaalan hunda irraatti akka waa jechuu danda'an) [7] mirga bilisummaan yaada ofii ibsuu mirkaneessuun isa jalqabaa dha. Dabalataanis dhugaa dhokate baasuu fi dhugaa argame immoo hojii irra oolchuuf[8], mirgi yaada ofii ibsuu gahee guddaa qaba.

Hundeeffamni sab-qunnamtii hojii irra oolmaa mirgoota yaada bilisaan ibsachuu, odeeffannoo argachuu fi tamsaasuufi kkf wajjiin kallatiinis ta'ee alkallatiin kan wal-qabatee dha. Bu'uuruma kanaan dhaabbileen sab-qunnamtii akaakuu adda addaa kan akka maxxansaa (press) fi tamsaasaa (broadcast) kan mootummaa fi dhuunfaa hundeeffamaniiru.

kaayyoowwan armaan olitti tarreeffaman galmaan akka gahu sab-qunnamtiin bilisummaa gonfateera. Bilisummaan kunis mirga odeeffannoo argachuu fi tamsaasuun ibsama.

Sab-qunnamtiin namoota dhunfaa, dhaabbilee fi qaamolee motummaa irraa odeeffanno argachuuf mirga qabu. Jecha biraan qaamoleen kun sab-qunnamtiif odeeffannoo lachuuf dirqama qabu.

Keessattuu qaamoleen mootummaaa odeeffannoo sab-qunnamtiileen barbaadan kennuun iftoominaa fi itti gaafatamummaa ummataa qaban mirkaneessuu akka qaban heerri mootummaa fi waliigalteewwan sadarkaa addunyaa irratti taasifamaniin kan kaa'ame dha.[9]

Dhaabbileen sab-qunnamtii dhimmoota dantaa ummataa (public interest) ta'an irratti xiyyeeffaannaa laachuudhaan kan hojatan ta'uun isaa ni beekama. Dhimmota dantaa hawaasaa ta'an keessaa inni tokko tajaajila abbaa seerummaa fi adeemsa isaati. Haaluma kanaan , odeeffannoo hojiiwwan mana murtii argachuu fi tamsaasuuf sab -qunnamtiin mirga qabu

[5] http://www.judiciary.gov.uk/media/speeches/2011/lcj-speech-judiciary-and-the-media
[6] Alexander Meiklejohn, Free Speech and its relation to self government (2004) fuula, 149
[7] Thomas Scanlon, Theory of freedom of expression' philosophy and public affair (1972)fuula, 226
[8] http://www.Bartleyby.com3/3/2html; 05/07/2005 , Jon Milton(1644)
[9] Miiljalee lakk.4, ; Freedom of the Mass Media and Access to Information Proclamation, No.590/2008 preamle ; Madrid principles on media and courts(1986)

jechuu dha. Haata'uu malee mirgi sab -qunnamtii, akkuma mirgoota biroo heeraan mirkanaa'anitti, daangaa seeraan kaa'ame qofa keessatti hojii irra ooluu qaba. [10]

Sab-qunnamtiin dirqama hojii isaa ba'uu irratti of-eeggannoo guddaan yoo hin hojjenne ta'e odeeffannoo dogoggoraa gabaasuufi oduuwwan madaallii isaanii hin eegganne akka tamsa'an gochuun mirga shakkamtoota, bilisummaa abbaa seerummaa fi mirga odeeffannoo sirrii argachuu lammiilee miidhuu danda'u. Gabaasaaleen sab-qunnamtiin dhiyaatan kunneen dhimmoota seerri kabajuufii xiyyeeffannaa guddaa laatuuf kan akka mirga jireenya dhuunfaa, mirga adeemsa falmii madaalawaa argachuu , bilisummaa fi alloogummaan hojachuu manneen murtii, mirga qulqulluu jedhamanii tilmaamamuu sirritti adda baasuu fi isa kana hubannoo keessa kan galchan ta'uu qabu.

Tamsaasni midiyaan dabarsu hojii abbaa seerummaa irratti dhiibbbaa kan fidu ta'uu hin qabu. Kunis kan ta'eef abbootiin seeraa itti gaafatamummaa dhimmoota lubbuu, bilisummaafi qabeenya irratti murteessu waan qabaniifi dha.[11] Isa kana gochuu irrattis abbootiin seeraa, dhugaa fi seera qofa irratti hundaa'uudhaan giddu lixummaa eenyuuniyyuu malee hojii isaanii gaggeessuu qabu.

Haala qabatamaa biyyoota adda adddaa yeroo ilaallu qaamoleen alaa keessattu hojiiwwaan dhaabbileen sab-qunnamti hojjatan tokko tokko abbootii seeraa irratti dhiibbaa akka fidanii fi mirga namoota himatamanii akka sarbuu danda'anis kan hubatamu yoo ta'uu murteewwan adda addaas ulaagaalee seeraatin ala qeequdhaan amantaan ummanni manneen murtii irratti qabu akka xinnaatu kan godhan ta'uun isa ni hubatama.[12]

Isaan kanneen keessaas dhimmoonni walitti dhufeenya dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii xiyyeeffannaa guddaa akka argatu kan taasisan jiru.

Biyyoota dhihaa adda addaa keessatti dhimmi raawwii yakkoota beekamoo (sensational) ta'an dhaabbilee sab-qunnamtiidhaan haalli uwwisa bal'aa itti argatan kan turee fi ammas kan jiru yoo ta'u, [13] uwwisnii fi xiyyeeffannaan dhimmoota kanneeniif laatamu abbootii seeraa irratti

[10] http://www.venice.coe.int JUDICIARY AND MEDIA.
[11] Akkauma olii lakk.4
[12] European Network of Councils for the Judiciary, ENCJ, Judiciary and the media 2005-2006
[13] Wayne O.& Genelle B., Major Principles Of Media law, Wadsworth, (2010) fuula 296

dhiibbaa hin malle kan qaqqabsiisuu fi dhiibbaan kunis murtoo dabarsan irratti kan calaqqisame ta'uu isaa ogeeyyiin seeraa adda addaa ni ibsu.[14]

Manni murtii Waliigala Amerikaa, yeroo adda addaatti uwwisni sab-qunnamtiin dhimmoota tokko tokkoof laataniifi haala itti dhiyaatan irraa kan ka'e mirgi himatamtootaa ykn shakkamtootaa akka bilisatti timaamamuu fi adeemsa falmii madaalawa argachuu kan dhoowwee jechuun murteewwan mana murtii jalaatiin laatame diigee jira.[15] Akka biyya keenyattis dhimma kallatiin murtaa'ee argachuun rakkisaa ta'us sagantaalee televizyiinii fi maxxansaan darban akka fakkeynaatti fudhachuun ni danda'ama. Sagantaaleen mata duree "Akeeldaamaa" , "Iyaangu'aalelee" fi "Jihaadaawi Harakaat" jedhuun televizyiinii Itoophiyaaratti darbaa turan shakkamtoonni mana murtee osoo dhiyaatanii itti hin murtaa'iin akka yakka raawwatan gochuudhaan dhiyeessera jedhamuun qeeqameera[16].

Naannoo Oromiyaa keessattis qabatamaan rakkoowwan walfakkaatan kan mulattan ta'uusaa fi akka fakkeenyaatti sagantaa mana murtii aanaa Gadab Asaasaa irratti Teleevizyinii Oromiyaatiin darbe fudhachuun ni danda'ama. Sagantaa kana irratti abbaan seeraa maqaan isaa caqasamee, akka seeraan ala murteessee fi matta'aan akka hojjatu ibsuun kan dhiyaate ture.[17] Bu'uuruma kanaan haalli qabatamaa walitti dhufeenya dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii Oromiyaa maal akka fakkatuu fi sadarkaa maal irra akka argamu akkasumas walitti dhufeenyi uumamu qabus akkam ta'uu qaba isa jedhu adda baasuufi beekuun baay'ee barbaachisaa ta'a.

2. Hima Rakkoo

Sirni haqaa biyya tokkoo akka dagaaguufi, mirgi yaada bilisaan ibsachuu, dhaddacha biilisa ta'etti haqa argachuu lammilee akka kabajamu, fi akka waliigalaatti sirni dimokraasii akka lalisu

[14] http://www.legalservices.co.in 07/07/05
[15] Akkuma olii lakk.14
[16] http://www.ertagov.com/amerta/2013-02-06-05-46-27/2853-2013-02-06-06-38-45.html 05/10/05
[17] 7 vidiyoo sagantichaa kan waraabame(recorded vedio document)

manneen murtii fi dhaabbileen sab-qunnamtii wal-deeggaruu fi wal kabajuun gahee hojii isaanii bahuu akka qaban ifa dha.

Kana gochuu keessattis daangaa seeraa fi hojimaata qaamolee kanaatiin kan hoogganamu ta'uun isaa ni beekama. Haata'uu malee gama kanaan rakkoowwan tokko tokko jirachuun isaa ni hubatama.

Dhaabbileen sab-qunnamtii mirgaa fi daangaa seerrii fi itti gaafatamummaan hojii isaani irra kaa'u darbuudhaan dhimmoota sagaantaan irratti hojjatamuu hin qabne yookan tamsaasuu hin qabne yeroo tamsaasan ni mul'atu. Xiyyeeffannaan qorannoo kanaas haallii qabatamaa manneen murtii biyya keenyaa fi naannoo keenyaa fi dhaabbilee sab-qunnamtii gidduu jiru maal akka fakkaatuu, rakkoowwan gama kanaan mullatan maalfaa akka ta'an, maal irraa akka maddan, seerotni dhimmoota sab-qunnamtii fi manneen murtii ittiin hoogganam isaan kam akka ta'an fi hojii irra olmaan isaanii maal akka fakkaatu, fi walitti dhufeenyi isaanii akkamitti akka hoogganamu gadi fageenyaan qorachuu dha. yaada bu'uuraa kanaaf deebii laachuuf dhimmoota armaan gadiitiif deebii kennuu ni yaala.

1. Daangaan wal-qunnamtii bulchiinsa haqaa fi uwwisa sab-qunnamtii akkamitti ibsama? Hojiiwwan sab-qunnamtiin hojjatan kenninsa tajaajila abbaa seerummaa irratti dhiibbaan fidan maalfaadha?

2. Mirgi odeeffannoo argachuu lammiilee fi mirgi himatamtootaa dhaddacha haqa qabeessan murtee argachuu fi mirgi qulqulluu ta'anii tilmaamamu akkamitti wajjiin deemu? Akkamittis walmadaalchisuun danda'ama?

3. Wal hubatanii hojjachuun wal qabatee rakkoon sab-qunnamtii fi manneen murtii gidduu jiru maali? Maal irraas maddu?

3. Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoon gooroo qo'annoo kanaa dhimmoota ijoo walitti dhufeenya manneen murtii fi midiyaalee keessatti akka rakkinaatti mul'atan adda baasuu fi yaada furmaataa hojii irra ooluu danda'u akeekuu dha. kana gochuu keessattis kaayyoowwan gooree armaan gadiitti caqasaman ni qabaata.

- Seeronnii fi labsileen dhimma sab-qunnamtii fi manneen murtii hoogganan isaan kami? Hojii irra oolmaa fi bu'aqabeessummaa isaanii
- Mirgaa fi itti gaafatamummaan dhaabbilee sab-qunnamtii haala qabatamaa biyya keenyaafi naannoo keenyaa maal ta'uu qaba
- Mirga himatamtootaa dhaddacha bilisa fi alloogessa ta'een keessumaa'uu, mirga qulqulluu ta'anii tilmaamamuu fi bilisummaan abbaa seerummaa akkamitti ilaalamu
- Dhiibbaa sab-qunnamtiin hojii abbaa seerummaa irratti qaqqabsiisan maal fakkaata, amantaa hawaasni manneen murtii irratti qabu hoo?

4. Mala Qorannoo

Qorannoo kana gaggeessuuf daataan barbaachisu maloota adda addaatiin funaanameera. Jalqaba irratti Seerota, labsiilee fi qajeelfamoota garagaraa sakattaa'uuf yaalin taasifameera.

Haaluma wal-fakkaatuun kitaabolee fi barreeffamoota adda addaa dhimmicha wajjiin rogummaa qaban bal'iinaan ilaalamaniiru.

Madda kanneen irraa hubannoo argame yaad -rimeewwan walitti dhufeenya dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii ilaalchisee muuxannoo biyyoota ambaa ilaaluun kanneen rogummaa qaban qorannoo kanaaf akka fayyadan dhimmoota ka'an wajjiin wal-qabsiisuun akka galtee ta'an gochuuf yaalin taasifameera. Akkasumas sagantaalee dhaabbilee sab-qunnamtii garagaraatiin hojjataman sakattaa'uun qabiyyee isaanii fi haala itti tamsa'an hubachuuf yaaliin taasifameera.

Dabalataanis haala qabatamaa hojii fi hojiimaata dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii, qabiyyee armaan olitti caqasame irratti qaban hubachuuf manneen murtii Oromiyaa fi Federaalaa dabalatee abbootii seeraa irraa daataan af-ggaaffii, bar-ggaaffii fi marii gareen funaanameera. Akkasumas Komishiinii Poolisii Federaalaa fi naannoo Oromiyaa, Komishiinii Mirga Namummaa, fi dhabbata Abbagaar (ombudsman) irraa daataan guurameera. Haaluma wal-fakkaatuun dhaabbilee sab-qunnamtii adda addaa naannoo Oromiyaa keessatti fi alatti argamanii fi naannoo Oromiyaa keessatti uwwisa qaban kan biroo irraas daataan bifa af-gaffii fi bar-gaaffii funaanameera.

Haaluma kanaan qorannoo kana bu'a- qabeessa taasisuuf godinaalee rakkoowwan dhimmoota kana wajjiin wal qabatan itti mul'atanii fi sab-qunnamtiin baay'inaan itti socho'an jedhamanii yaadaman 5(shan) fi aanoleen isaan jalatti argaman lama lama keessaa daataan maloota armaan olitti kaa'amaniin akka funaanamu ta'eera. Godinaaleen filatamaniis Arsii Lixaa, Godina addaa naannawa Finfinnee, Godina Jimmaa, Shawaa Bahaa fi Godina addaa Adaamaati . Iddoowwan daataan irraa walitti qabamuufi karoorfamee, irraa funaaname fi akaakuun isaanii armaan gaditti ibsamaniiru.

Gabatee 1. Gabatee hanga daataa karoorfamee fi funaaname agarsiisu

Gosa daataa fi iddoo irraa funaanamu	Kan karoorfame	Kan funaaname
Bargaaffii Abbootii seeraa	**78**	**75**
Affgaaffii abbootii seeraa	**42**	**30**
Marii -garee abbootii Seeraa	**5**	**3**
Bargaaffii sab-qunnamtii	**24**	**26**
Af-ggaaffii sab-qunnamtii -Gaazexaa -Raadiyoo -Televizyiinii	**12**	**10** **2** **5** **3**
Af-gaaffii komishinii Poolisii Federaalaa	**3**	**2**
Afgaaffii Komishinii Poolisii Oromiyaa	**3**	**2**
Af-gaaffii Dhaabbata Abbagaar (Ombudsman)	**3**	**2**
Af-gaaffii Komishinii Mirga Namooma Itoophiyaa	**3**	**3**

5. Faayidaa Eeggamu

Qo'annoon kun rakkoowwan walitti dhhufeenya dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii gidduutti mul'atan tokka tokkoon adda baasee xinxaluudhaan yaada furmaataa kan akeekuu yoo ta’u, qaamoleen lamaan kunneen walitti-dhufeenya gaarii, walutubuu fi waldanda'u akka uuman gargaara. Inni kunis manneen murtii fi dhaabbileen sa-qunnamtii giddu hariiroo jiraachuu qabu agarsiisuudhaan gahee isaan lamaan fooyya'insa sirna haqaa fi dagaagina sirna dimokraasiif gummaachan akka dabalu taasisuuf gargaara.

6. Faayyadamtoota Qorannichaa

Qo'annoo kana keessatti dhimmoonni walitti dhufeeyna manneen murtii fi sab-qunnamtiiwwan irratti akka rakkinaatti mul'atan adda baasuun qorachuu irratti kan xiyyeefatu waan ta'eef, manneen murtii fi dhaabbileen sab-qunnamtii adda addaa, maamiltoonni mana murtii fi shakkamtoonni yakkaa fayyadamtoota duraa ta'u. Akkasumas instiitiyuutichi hojiiwwan leenjii qaamolee dhimmi ilaaluuf laachuuf, qaamoleen haqaa biroo fi ogeessonni adda addaa immoo akka madda odeeffannootti itti fayyadamuu ni danda'u.

7. Daangaa Qorannichaa

Qo'annoon kun qabiyyeen akka ka'uumsaatti qabate baayyee bal'aa, kan yeroo dheeraa humnaa fi baasii guddaa barbaadu ta'uun isaa ifa dha. Dhugaa kana bu'uureeffachuun bu'aa barbaadame akkaataa fiduu danda'uun daangaa qorannoo kanaa kaa'uun barbaachisa ta'a.

Bu'uura odeeffannoo fedhii qorannoo armaan dura gaggeeffame irratti hundaa'uudhaan fi dhimmoota xiyyeeffannaa guddaa barbaadan adda baasuun, hariiroo manneen murtii fi dhaabbilee sab- qunnamtii gara garaa naannoo Oromiyaa fi kan Feederaala illee keessatti argamanii fi dhimmota biyyoolessaa irratti hojjatan fudhachuudhaan qabxiiwwan ijoo ta'an adda baasuun kan gaggeeffamu ta'a. Qabxiiwwan isaan kunis: mirga billisummaan yaada ibsachuu, fi odeeffanoo argachuu lammiilee, mirga himatamtootaa fi bilisummaa abbaa seerumma fi dhimmoota biroo rogummaa qaban irratti xiyyeeffachuudhaan dhaabbileen sab-qunnamtii walitti dhufeenya manneen murtii wajjiin qaban maal akka fakkaatuu fi maal akka ta'uu qabu qorachuu irratti xiyyeeffata.

BOQONNAA LAMA

MAALUMMAA FI HOJIMAATA SAB-QUNNAMTII : WALITTI DHUFEENYA MANNEEN MURTII WAJJIIN QABAN

2.1. Maalummaa Sab-qunnamtii

Jechi sab-qunnamtii (mass media) jedhu yeroo ammaa hiika bal'aa kan qabuu fi guddina teeknolojii fi saayinsii wajjiin wal-qabatee uwwisni isaa fi qabiyyeen isaa kan babal'achaa dhufee dha. Jechi 'mass media' jedhu dhufaatii raadiyoo, gaazexoota fi barruulee baay'inaan maxxanfamanii fi raabsaman wajjiin walqabatee naannoo bara 1920 irraa kaasee akka itti fayyadamuun jalqabame maddootni tokko tokko ni ibsu.[18] Jecha sab-qunnamti jedhu barreeffamoota adda addaa irrratti haala adda addaatiif yaada walitti dhiheenya qabuun hiikameera. kitaabni insaaykiloopidiyaa of maas miidiyaa jedhu hiiikkoo jecha kanaa (mass media) akka armaan gaditti teechisa:

> "*Nonpersonal channels of communication that allow a message to be sent to many individuals at one time. Mass media is a term used to denote ,as a class that section of the media specifically conceived and designed to reach a very large audience (typically at least as large as the whole population of a nation state."* [19]

Sab qunnamtiin daandii ergaa tokko namoota beey'eef kan yeroo tokkoon dabarsuufi kaayyoon isaas hawaasa bal'aa bira gahuu akka ta'e kan agarsiisuu dha.
Barruu 'Media Unlimited' jedhu irratti jechi sab-qunnamtii 'mass media' jedhu akka armaan gaditti ibsameera.

[18] Bhoomika Bagga, Encyclopedia of Mass Media, Anmol Publications, New Delhi, 2007, fuula 160
[19] Akkuma olii

"... Refers to the print and electronic instruments of communication that carry message to often widespread audiences. Print media includes news papers magazines and books, electronic media include radio, television motion pictures and internet."[20]

Akkasummas barreeffamni waldaa soosholojii UK jecha sab-qunnamtii jedhu haala odeeffannoon bifaa fi mala adda addaan namoota baayyee bira ittiin gahuudha jechuun ibsa.[21]

Akkaata ibsa kanaan sab-qunnamtiin meesha wal-qunnamtii odeeffannoo tokko yeroo tokkotti hawaasa ykn namoota baay'eef kan dabarsu yoo ta'u of keessatti kutaalee gurguddoo lama qaba. Inni jalqabaa sab-qunnamtii maxxansaa ykn 'press' yoo ta'u inni lammaffaan immoo sab-qunnamtii tamsaasa ykn 'broadcast' jedhamee kan beekamuu dha.

Sabqunnamtiin maxxansaa; gaazexaa, barruulee, kitaabota kan of keessatti qabatu yoo ta'u sab-qunnamtiin tamsaasaa immoo meshaalee sab-qunnamtii elektrooniksii kan akka raadiyoo, televizyiinii, fakkiiwwan socho'an (motion pictures) fi intarneetii kan qabu dha.

Akkasumas Labsiin Bilisummaa Sab- qunnamtii fi Mirga Odeeffannoo Argachuu lakk. 590/08 keewwata 2(1) jecha sab -qunnamtii (mass media) jedhu wantoota yeroo yeroon maxxanfamanii fi tamsaasa (broad cast) kan of keessatti qabatanii dha jechuun ibsa. [22] Labsi kana irratti keewwata 2(2-4) jalatti hiika jechoota maxxansa fi tamsaasa jedhan tokko tokkoon kan ibse yoo ta'u, qabxiilee barreeffamoota adda addaa irratti argamaniifi sab-qunnamtii ibsan wajjiin haala walitti dhiyaatuun kaa'ee jira. Akka labsii Kanaatti Maxxansa yaad-rimeen jedhu, wantoota hawaasa bal'aa biraan gahuuf yaadamanii dhiyaattani fi sab-qunnamtii dabalatee maxxaansaalee adda addaa , muuziqaa, barreeffama tiyaatiraa (plays), fakki, kitaabolee, poosterii fi beeksisa

[20] http://www.mcgrow-hill.com/sites/dl/free/0072824131/77252/schaefer5chapterPreview.PDF+ 15/06/05

[21] Mass media refers to channels of communication that involve transforming information in some way or shape or form to large numbers of people. http://www.sociology.uk/media defined.pdf gaafa guyyaa 17/06/05 kan ilaalame.

[22] "Mass media" printed matter that includes periodicals and broadcasters., Freedom of the Mass Media and Access to Information proclamation No. 590/08, kew.2(1)

daldalaa, paampleetii, sagalee fi viidiyoo waraabaman, fakkiiwwan sochii, akka of keessatti hammatu ibsameera.

Akkasumas keewwata 2(4) jalatti jecha Tamsaasa (broadcaster) jedhu traansmitara lafa irraa yookaan saatalaayitii kan fakkaataniin fayyadamuun Televizyiniin yookaan raadiyoo ykn meeshaa elektroniksii biraan ummatni akka dhaggeeffatu ykn ilaalu kan tamsa'an akka ta'an ni ibsa.

Akka waliigalatti barreeffamoonni armaan olitti caqasaman ibsa isaani irratti jechoota addaa addaatti haa fayyadamanii malee hiikkoon bu'uuraa sab-qunnamtii dhimma odeeffannoo argachuu fi dabarsuu ykn tamsaasuu wajjiin kan kallattiin wal qabatuu fi wal-tajjii odeeffannoon itti darbuu fi irraa argamu ta'uu isaa fi odeeffannoo barbaadame hawaasa bal'aa biraan gahuu kan calaqqisuu dha.

2.2. Seenaa Gabaabaa Guddina Sab-qunnamtii Itoophiyaa

Haala qabatama biyya keenyaatiin guddinnii fi babal'iinni sab-qunnamtii yeroo ammaa akka biyyoota dhihaa, Awuroopppaa fi Amerikaa, kan baay'inaa fi uwwisa qabuu miti. Seena sab-qunnamtii addunya keessatti kan dursa qabatee ture sab-qunnamtii maxxansaa (press) yoo ta'u senaa sab-qunnamtii biyya keenyaa keessattis dhugaan kun ifatti kan mul'atuu dha. Dhaabbanni maxxansaa jalqabaa gara baha Afrikaatti kan gale bara 1863 ture. Yeroo kanattis barruuleen adda addaa kan maxxanfamaa turan yoo ta'u baay'een isaanii barreeffamoota hojiiwan amantaa wajjiin wal -qabatan turan.[23]

Hojiilee fi barreeffamoonni adda addaa turan kunneen guddina ogummaa gaazexeessummaa fi guddini taasisan xiqqaa ture. Guddinni barruulee 'periodicals' kan jalqabe waggoota dhumaa jaarraa 19ffaa ykn jalqaba jaarraa 20ffaa keessa.

[23] Nigussie Teferra, The Role of Mass Communication in Social and Economic Development in some Developing Countries and the Case of Ethiopia- (Ph.D Thesis), University Of Wales Cardiff,Uk, 1988

Babbal'ini maxxansaa biyya keenyaa hundeeffama dhaabbilee maxxansaa wajjiin kan walqabate yoo ta'u, jalqabni hojii gaazexeessummaas babal'ina baruumsa ammayyaa waggoota dhumaa Miniliik II irraa jalqabee akka ta'e barruuleen tokko tokko ni ibsu.[24]

Bara 1890 irratti namni Faazer Bernard jedhamu barreeffama yeroo jalqabaaf koppii baay'een maxxanfame Bulletin de la Leproserie De Harar jedhuufi ittissa dhukkuba qurcii irratti xiyyeeffatu Afaan Faransaayii fi Amaariffaan maxxansaa tureera.[25]

Waggoota dhumaa jaarraa 19ffaa irratti Gaazexaan Afaan Amaaraa jalqabaa nama Bilaattaa Gabra Egzi'aabiheer jedhamuun torbaan torbaaniin kan bahaa ture yoo ta'u kan barreffamus harkaan ture.

Gaazexaan inni dhugaa jalqabaa bara 1902 Magaalaa Finfinnee keessatti daldalaa lammii Giriikii kan ta'e Andriyaas E. Kaavidaa jedhamuun kan maxxanfamaa ture yoo ta'u maqaan gaazexaa kanaas 'A'imiroo' akka ture seenaan ni ibsa.Gaazexaan kunis fuula afur kan qabuuf koppii 24 iin kan maxxanfamu ture. Yeroo muraasaan booda garuu gara koppii 200 ol guddachuu danda'eera.[26]

Baroota mootii Miniliik keessatti hojiin maxxansaa akka guddatu kan yaaliin taasifamaa ture ta'us gama hojii bulchiinsaa fi hundeeffamma mootummaa giddu-galeessaa fi miira sabummaa hawaasaa itti kakaasuuf haalli itti hojii irra oole hin turre.Bara mootii Hayilasillaasee mana maxxansaa maqaa isaatiin (Teferi Mekonnin press) moggaafame hundeesse ture. Gara boodeetti manni maxxansaa kun maqaa" Birehaaninnaa Salaam" jedhu kan argate yoo ta'u mana maxxansaa guddaa biyyattii ta'ee jira.[27]

Bara 1923 meeshaaleen maxxansaa afur biyyoota Awuroopaa irraa kan argaman yoo ta'u, waggaa tokkoon booddee, bara 1924 jechuudha, gaazexaan "Birehaaninnaa salaam" jedhamu manuma maxxansaa maqaa kana qabuufi nama Gabra Kiristoos Taklee jedhamuun gulaalamu

[24] Population Media center, Ethiopian Mass Media Profile, 1997.
[25] Miljalee Lakk. 23
[26] Akkuma olii
[27] Akkuma olii

torbaan torbaaniin maxxanfamuu jalqabe. Koppiin gaazexaa kanaa 500 ta'u yeroo hunda kamisa namoota lamaan (fardaan ta'uun) magaalaa keessatti ni raabasma ture. Gaazexaan kunis meeshaa mootummaan olola siyaasaa ittiin gaggeessaa tureefi hawaasni hoogganaa yeroo sana ture Tafarii Mokonniin, booddee Hayilasillaasee, akka kabaju fi sodaatu gaarummaa isaa, dandeettii hooggansa isaa, arjummaa isaa fi namni isa gitu akka hin jirre kan lallabu ture.[28]

Gaazexoonni ammayyaa akkasumas guddinni hojii gaazexeessummaa biyya keenyaa taatee bara 1941 booddee dha.Inni kunis dhuma waraana Xaaliyaani wajjiin gaggeeffamaa tureen booda ta'uu isaati. Barruun ba'iinsa Xaaliyaaniitiin booda maxxanffamaa ture 'Daily News Bulletin ' kan jedhu yoo ta'u baay'inaan bakka bu'oota biyya alaa fi hojjatoota imbaasiiwwan dhuma waraanaatiin booda banamaniif kan raabsamaa yoo ta'u Ingiliffaa fi Afaan Faransaayiin hanga baroota 1970n keessattis maxxansi isaa itti fufee ture.

Gaazexaan 'Sandaq alaamaachin' jedhus bara 1941tti injifannoo Xaaliyaan irratti argame yaadachuuf Amaariffaa fi Afaan Arabaatiin maxxanfamuu jalqabe.[29] Gaazexoonni baayyee beekamoo bara 1941 booddee turan Gaazexaa' Addis Zaman' fi 'The Ethiopian Herald' dha. Gaazexaan addis zaman bara 1941^{tti} kan hundeeffame yoo ta'u
The Ethiopian Herald immoo bara 1943 akka hundeeffame seenaan isaanii ni ibsa.

Gaazexoonni biroo guddina hojii gaazexeessummaa Itoophiyaa wajjiin wal-qabatee ka'an gaazexaa' L'Ethiopie D' Aujourd Hui ' fi 'Yezaareeyituu Itiyoophiyaa' jedhanii fi jalqaba bara1952 irraa kaasee torbaan torbaaniin Amaariffaa fi Afaan Faransaayin kan maxxanfaman turan yoo ta'u, bara 1965 irraa kaasee garuu gutuummaatti Afaan Amaaraatiin qophaa'uu jalqabe.[30]

Sab-qunnamtii tamsaasaa (broadcast) ilaalchisee, hundeeffamni raadiyoo inni jalqabaa bara 1935 magaalaa Aqaaqiitti yoo ta'u Looltoonni Xaaliyaanii akka itti hin fayyadamne jechuun loltoonni

[28] Akkuma olii
[29] Akkuma Olii
[30] Akkuma olii

biyyatti akka mancaasan ni himama.[31] Tamsaasni raadiyoo Idileen kan jalqabe bara 1941 ture. Tamsaasni Televizyiinii immoo bara 1964 jalqabame.

Bara mootummaa dargii keessattis gaazexoonni fi barruuleen adda addaa kan maxxanfamaa turan yoo ta'u isaan keessaas 'Sartoo Adder', 'Abiyootaawi poolis' Taaxaqii fi 'Maskaram' akka fakkeenyaatti fudhachuun ni danda'ama. Raadiyoon Itoophiyaas maqaa haaraa Sagalee warraaqsa Itoophiyaa irratti jedhuun sagantaalee biyyoolessaa fi sadarkaa addunyaatti kan tamsaasaa ture yoo ta'u, Tamsaasni biyyoolessaa Afaan shaniin kan buufatoota sadii irraa darbaa ture. Ammaariffaa, Afaan Oromoo, Tigre, Tigriffaa fi Somaalee ture. [32]

Yeroo amma keessattu guddina teeknolojii fi haala jireenyaa (life style) jijjiramuu wajjiin wal qabatee fedhiin odeeffannoo argachuu hawaasaa kan dabalaa dhufee yoo ta'u babal'inni sab-qunnamtii biyya keenyaas baayyinaa fi uwwisaan guddachaa dhufee jira. Waggoota gabaabaa keessatti Televizyiinii, Raadiiyoon FM, Gaazexaa fi Barruuleen adda addaa Afaan adda addaatiin hojjatan kan hundeeffaman yoo ta'u, Odeeffannoo hawaasa biraan gama gahuutin gumaacha ol'aanaa taasisaa jiru. Gama kanaan, Heera mootummaa RFDI keessatti mirgi odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu beekamtii argachuun isaa fi sab-qunnamtiin dhunfaa akka hundeeffaman hayyamamuun isaa guddinaa fi babal'ina sab-qunnamtiif gahee ol'aanaa taphateera.

Miidiyaan keessattuu yeroo ammaatti gaheen jiruuf jireenya hawaasaa keessatti qabu guddaa ta'uun isaa ifa dha. Faayidaawwan ijoo ta'an kan akka odeeffannoo dhiyeessuu, bashanansiisuufi barsiisuu of keeessaa qaba[33]. Isaan kanneen keessaas odeeffannoo hawaasa biraan gahuun kan sadarkaa jalqabaa irratti kaa'aamuu danda'uu dha. kanaafis fakkaata yeroo nuti amma itti jiraachaa jirru kuni bara odeeffannoo ykn 'information era' jedhamee kan ibsamu.

Odeeffannoo argachuun hawaasani dhimmoota hawaasumma irratti gahee irraa eeggamu akka xabatuu fi dhimmoota adda addaa irratti immoo yaada ofii isaa akka calaqqisuu fi ilaalcha ofii

[31] Akkuma olii
[32] Akkuma olii,
[33] Mekuriya Mekasha, Right to Access to Information: Media challenges in a society in transition, *A pannel discussion,* UNCC, 2007.

isaa akka qabaatu fi gara biraan immoo yeroo barbaachisa ta'e hundatti dandeetti odeeffannoo gahaa irratti hundaa'uun murtee dabarsuu (informed decision) akka qabaatu gargaara.

Guddinaa fi babal'ina dhaabbilee sab-qunnamtii wajjiin walqabate jijjiramoonni gara garaa mullachuun isaanii wanta ifatti hubatamaa dhufee dha. Yaad-rimeen sab-qunnamtii fi guddinni isaa kallattiidhaan mirgoota yaada ofii bilisaan ibsachuu namootaa wajjiin kan wal qabatanii dha. Babal'ini sab-qunnamtii keessattu waggoota shantaman darban keessatti guddina fi baballina teeknolojii wajjiin walqabatee saffisaan kan guddachaa dhufe ta'uun isaa kan ifatti mull'atu dha.

2.3. Mirga Odeeffannoo Argachuu fi Tamsaasuu

Odeeffannoon humna jedhama. Barbaachisummaan isaas barreeffamoota adda addaa irratti kan bal'inaan caqasameefi kan ifattis beekamuu dha. Mirgi bu'uuraa odeeffannoo argachuufi tamsaasuu kuni mirga heeraa fi waliigalteewwan sadarkaa addunyaatti gaggeeffamanii fi fudhatamaniin kan deeggaramee fi beekamtii argatee dha.

Sanadoota Isaan sadarkaa addunyaalessatti beekaman keessaas, Labsiin Mirgoota Waliigalaa Namoomaa (UDHR) keewwata 19 jalatti, ICCPR kew.19 jalatti , ACHPR keewwata 9,
Ibsa Qajeeltoowwan Mirga yaada Bilisaan Ibsachuu Afrikaa (Declaration of principles on freedom of expression in Africa) Kew. 9 jalatti kan ibsamaniifii xiyyeeffannaan laatameefii dha.[34]

Labsiin Mirgoota Waliigalaa Namoomaa keewwata 19, namni kamiyyuu mirgaa fi bilisummaa yaada fedhe qabaachuu fi yaada ibsachuu ni qaba. Mirgi kun namni hundi dhiibbaa tokko malee yaada akka qabaatuufi daangaan osoo itti hin godhamin meeshaa fedhe hundaan odeeffannoo fi yaada bilisummaan kennuufi dabarsuu akka danda'u nni ibsa.

Akkasumas Waadaan Mirgoota Sivilii fi Siyaasaa Idil-Addunyaa keewwata 19(2) jalatti, namni kamiyyuu walabummaa yaada isaa ibsachuu qaba. Mirgi kunis odeeffannoo fi yaada kamiyyuu

[34] Derbew Temesgen, Legal Safeguards for Freedom of information in Ethiopia, Ethiopian Bar Review , Dec.2010, fuula 126

daangaa tokko malee barbaaduu, argachuufii jechaan barreeffamaan ykn maxxansaan , artiidhaan ykn karaa filate kan biraan dabarsuu fi mirga qabu hunda of keessatti qabata jechuun kaa'eera.

Heerri mootummaa Rippabliika Federaalawaa Itoophiyaa keewwata 29(2) jalatti namni hundinuu mirga bilisummaan yaada isaa ibsachuu akka qabu, namni kamiyyuu daangaan osoo itti hingodhamin jechaan, barreeffamaan, aartiin ykn tooftaa filate kamiinuu odeeffannoo fi yaada barbaade walitti qabuu, fudhachuu fi tamsaasuu mirga qaba jechuun kaa'a.[35] Dabalataanis mirgi kun qabatamaan hojii irra akka oolutti, akkasummas odeeffannoowwan, yaadota fi ilaalchota sirna dimokraasiif barbaachisan rakkoo tokko malee akka dhangala'an sab-qunnamtiif eegumsi seeraa kennameera.[36]

Gama seerota fi labsiilee dhimma kana wajjiin kallattiin walitti dhufeenya qaban kan biroo yoo dhufnu immoo Labsii Ejensii Maxxansa Itoophiyaa (Ethiopian press Agency proclamation) lakk. 133/1995, Labsii Dhaabbata Raadiyoo fi Televizyiinii Itoophiyaa lakk.114/1995, Labsii Dhaabbata sab-qunnamtii Oromiyaa lakk. 199/1998 caqasuun ni danda'ama.
Mirgi odeeffannoo argachuu hawaasaa yaada bal'aa fi dhimmoota gurguddoo armaan gadii of keessaa qaba. Isaan keessaas

- ✓ Mirga odeeffannoo harka mootummaatti argamuu fi hawaasicha ilaalu ilaalchisee argachuu
- ✓ Mirga odeeffannoo harka mootummaatti argamuu fi hawaasa fayyadan ilaalchisee
- ✓ Hawaasni qaamni seera baasu maal akka hojjechaa jiruu ilaaluuf hordofuuf mirga qaba
- ✓ Hawaasni manneen murtii maal akka hojjechaa jiran ilaaluuf hordofuuf mirga qaba.[37]

Mirgi odeeffannoo argachuu hawaasaa mirga namoonnii yeroo baay'ee kallattiidhaan hojii irra oolchan miti. Kana jechuun namoonni baayyeen gara mana murtii ykn gara paarlaamaatti hin

[35] Miiljalee lakk.2, kew 29(2)
[36] akkuma olii , kew.29(4)
[37] Mekuriya Mekasha, Right to Access to Information: Media Challenges in a Society in Transition, *A pannel discussion,* UNCC, 2007.

deeman. [38] Kun immoo gama biraatiin hawaasni dhimmoota qaamolee kana irraa dhagahuu fi ilaaluu barbaaduu kana argachuuf sab-qunnamtitti fayyadamu qaba jechuu dha.

Hawaasni dhimmoota adda addaa fi xiyyeeffannaa barbaadan jedhamanii fudhataman dhaabbilee sab-qunnamtii irraa kan argatu waan ta'eef sab-qunnamtii irraa wantoota heddu eega. Sab-qunnamtiin wantoota hawaasa keessatti mull 'ataniif baayyee barbaachisoo ta'an fakkeenyaaf hojii abbaa seerummmaa fi manneen murtii akka dhiheesuuuf hawaasni ni barbaada.

Mirgi sab-qunnamtii dhimmootaa fi adeemsaalee manneen murtee ilaalan gabaasuu mirga hawaasni dhimmoota kana beekuuf, irraa baruufi dhugaa beekuuf qabu irraa kan maddu dha.[39]
Mirgi odeeffannoo argachuu kun hawaasaaf faayidaa guddaa kan qabu yoo ta'u isaan keessaas kanneen armaan gaditti kaa'aman kaasuun ni danda'ama;

- Hawaasa fayyaa qabeessaa fi malaammaltummaa irraa bilisa ta'e
- Beela irraa walaboomuu (hayyuunnamaartiyaa seen jedhamu biyyoota mirgi sab-qunnamtii fi odeeffannoo kabajame keessatti beelli hin jiru ....jedha.[40]
- Kabaja mirga namoomaa
- Kabaja mirga dhuunfaa
- Hawaasa rakkoo adda addaa irraa walaba (secured) ta'e
- Dimookraasii qabatamaan hojii irra oolu qabaachuu dandeessisa.[41]

Haata'uu malee mirgi dhaabbilee sab-qunnamtii odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu kan hindaangeeffamne (absolute) miti. Kana jechuun dhaabbileen sab-qunnamtii odeeffannoon hawaasa biraan ga'an daangaa seeraan ka'ameef fi hojimaanni isaanii eeyyamuun ala ta'uu hin qabu. Sababoonni mirgi kun ittiin daangeffamus waliigalteewwan sadarkaa idil addunyaatti gaggeeffamanii fi heera mootummaa dabalatee seerota adda addaa keessatti ibsamee jira. Akkasumas labsiileenii fi qajeelfamoonni sab-qunnamtiin tumamanii jiru.

[38] Akkuma Olii
[39] Justice K.G.Balakrishnan, *The Constitution, the media and Courts* ; public lecture; Kochi Aug.9,2009
[40] ... Famines do not happen in countries with free press.
[41] Miiljalee lakk. 37

Waadaa Mirgoota Sivilii fi Siyaasaa Idil-addunyaa keewwata 19(3) jalattii mirgootaa fi kabaja namoota biroo eegsisuuf , nagaa biyyoolessaa, nageenya ummataa, ykn fayyaa ykn naamusa kabachiisuuf jecha mirgoota odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu irratti daangaan akka kaa'amuu danda'u ni ibsa. Inni kun immoo dhiibbaa manneen murtii irratti sab-qunnamtiidhaan qaqqabuu danda'u wajjiin kan wallitti dhufeenya qabaachuu danda'u dha.

Nageenya dargaggootaa, kabaja dhala namaa fi maqaa gaarii eegsisuuf jecha bilisummaa sab-qunnamtii irratti daangaan akka kaa'amuu danda'u heerri mootummaa RFDI keewwata 29(5) ni teechisa.

Rakkoowwan baay'een gama kanaan mull'atan kan jiran ta'uun isaa ni hubatama. Biyyoota adda addaa keessatti keessattu hojimaati sab-qunnamtiin dhaabbilee haqaa, irra caalaa mana murtii wajjiin walqabatee jiru akka rakkoo guddaatti kan fudhatamu dha. Inni kunis sagantaaleeni fi barruuleen adda addaa mana murtii, hojii abbaa seerummaa fi adeemsa yakkaa ilaalchise barreeffamanii fi tamsa'an akkaataa kamiin hawaasa bira ga'uu qabu inni jedhu mata duree mormii ta'ee yeroo dheeraaf turee jira.

2.4. Sab-Qunnamtii, Manneen Murtii fi Amantaa Hawaasaa

Jechi amantaa hawaasaa (public trust and confidence) jedhu yaada (ilaalchaa) hawaasni manneen murtii fi hoji abbaa seerummaa irratti qabuufii akkaataa manneen murtii itti hubatu kan ilaaluu dha. Yaadrimeen isaa staandaardii armaan gadii of keessaa akka qabaachuu danda'u barreeffammoonni tokko tokko ni ibsu. Isaanis:

- ✓ Manneen murtii ija hawaasaatiin qaqqabamoo ta'anii ilaalamuu
- ✓ Hawaasni manneen murtii hojii isaanii haala si'aayina qabuun, saffisaa ta'uu fi murteen laatamu fi *adeemsi isaa ifa akka ta'e* hubachuu isaa
- ✓ Manni murtii *bilisaa* fi qaamolee mootummaa kamiyyuu irraa adda kan ta'e fi qabeenya harka jiru fedhii hawaasaatiif akka oolu gochuu [42] kan jedhanii dha.

[42] The New Media project : http://ccpionnewmedia.ning.com/. 07/08/05

Dhaddachi banaa ta'uun isaa fi hawaasaaf ifa ta'uun isaa amantaa hawaasni manneen murtii irratti qabu akka dabalu taasisa.[43] Haalli dhaddachi ifaa fi banaa ta'uu qofaa isaatti amantaa hawaasni manneen murtii irratti qabu ni dabala ykn ni fida jedhamee hin amanamu. Inni kunis dhaddachi banaa dha jechuun namoota deeman hunda ni keessummeessa jechuu miti.

Amantaan hawaasni manneen murtii irratti qabu milkaa'ina hojii abbaa seerummaatiif haala ijoo akka ta'e ogeessonni seeraa tokko tokko ni ibsu[44]. Qaamoleen mootummaa biroo jechuunis raawwachistuu qabeenya kan qabuu fi qaamni seera tumu immoo humna kan harkaa qaban yoo ta'u manneen murtii garuu amantaa hawaasaa irratti qofa kan hundaa'anii dha[45]. Hojii sab-qunnamtiin hojjatan wajjiin walqabatee manneen murtii irrratti amantaan hawaasni qabu akka jijjiiramu gochuu dandaa'u isaa ni ilaalama.

Haala baratamaan hubannoo fi yaadni hawaasni manneen murtii ilaalchisee qabaatu kan argamu ykn kan maddu sab-qunnamtii irraa akka ta'e ni ibsama.[46] yaada kana cimsuun barreessituun Janice Scheutz jedhamtu hubannoon miseensi hawaasaa bayyeen adeemsa dhaddachaa irratti qabu gabaasaalee sab-qunnamtiin dhimmoota xiyyeeffannaa argatan irratti hojjataniin akka ta'e haala armaan gadiin keessee jirti.

> *Most of what the average citizen knows about the trial process comes from the media account of sensational cases.* [47]

Raawwi yakka tokkoo ilaalchisee gabaasni yookaan tamsaasnii sab-qunnamtiin darbu fi xiyyeeffanaan dhimma kanaaf laatamu yeroo baay'ee hawaasni ilaalcha manneen murtii irraa adda (faallaa) ta'e akka qabaatu fakkeenyaaf namoonni dhimmi isaanii sab-qunnamtiin uwwisa bal'aa argateen booda fi mana murtiitin bilisa jedhamaniin booda hawaasni akka yakkamaatti

[43] Justice John Barton, Court and Media Relationship.
[44] Aharon Barak, *The Judge in a Democracy* (Princeton: Princeton University Press,2006) fuula, 109
[45] Asefa Fisseha, Some Reflections on the Role of the Judiciary in Ethiopia (2002), Ethiopian Bar Review, fuula 137
[46] Jennifer A. Segal and Elliot Slotnick, "The Supreme Court Decided Today …or Did It?" in *Judicial Politics: Readings from Judicature*, ed. Elliot Slotnick (Washington, D.C.: CQ Press, 2005), 471.
[47] Janice Scheutz, , A Hand Book of Criminal Administration, Ed, Criminal Trial Process , Pennsylvania State University -Harrisburg Middletown-Pennsylvania, Marcel Dekker Inc . 2001 , fuula 205

isaan kan ilaalu ta'uun isaa fi manni murtiis yakkamtoota akka bilisa baasetti kan yaadan ta'uu isaa muuxannoo biyyoota biroo irraa hubatameera (Wayne fi Genelle, 2010.)

Dabalataanis qeeqni hin malleefii ceephoon manneen murtii irratti dhiyaatus kan amantaa hawaasni manneen murtii irratti qabu diigu ta'uun isaa hubatameera. Biyya awustraaliyaa keessatti dhimma kana wajjiin walqabate murtii laatame irratti akkaataa armaan gadiin ibsamee jira.[48]

> "... Ol'aantummaan seeraa amantaa ummanni mana murtii ilaalchise qabu irratti hundaa'a; kun immoo tasgabbii hawaasaa mirkaneessuu keessatti gahee ol'aanaa xabata. Amantaan ummataa qeeqa mana murtii ykn abbootii seeraa irraatti gahuun hir'achuu danda'a..... "

Fakkeenyaaf dhimmi yakkaa xabataa kubbaa miilaa beekamaa Amerikaa O.J siimpsan haadha manaa isaa ishee duraa fi hiriyaa ishee ajjeesuun himatamee, poolisiin isa qabuuf yeroo hordofaa ture irraa kaasee, Televizyiiniidhaan kallattiin (live) kan darbaa ture yoo ta'u haalli kunis Siimpsan qaama murtii dabarsuun (jury) bilisa jedhamus kutaa hawaasaa bal'aan Siimpisan akka yakkamaatti kan ilaalame ta'uu isaa fi dabalataanis dhimmi weellisaa beekamaa Maayikil Jaaksan daa'imman wajjiin qunnamtii saalaa raawwateera jedhamee himatameen sab-qunnamtiin xiyyeeffanna fi uwwisa bal'aa kan argate ture . Maayikil himata yakkaa kana irraa bara 2005 tti bilisa ta'u illee namoonni baay'een garuu yaada kanaan akka walii hin gallee fi Maayikil yakkicha raawwateera jechuun kan amanan ta'uun hubatameera[49]

Kana jechuun hojiin sab-qunnamtiin manneen murtii fi hojii abbaa seerummaa irratti hojjatan kallattidhaan ilaalchaa fi amantaa hawaasni manneen murtii irratti qabu jijjiruu irratti gahee guddaa akka qabu hubachuun ni danda'ama. Odeeffannoowwan hawaasaaf dhiyaatan keessattuu raawwii yakkaa wajjiin wal qabatee jiran haalli hawaasaaf itti dhiyaataniif hawaasni itti hubatu haala qabatamaa manneen murtii (abbootiin seeraa) dhimmicha ija seeraatiin ittiin ilaalan gidduu garaagarumman guddaan jira.

[48] *Gallager vs Durack(1983)*
[49] Wayne O., & Genelle B., Major Principles of Media Law, Wadsworth, 2010 fuula, 295.

Garaagarummaan hubannoo kun immoo ilaalcha hawaasni manneen murtii fi hojii abbaa seerummaa irratti qabuuf bu'uura gaarii hin ta'u. Fakkenya fudhachuuf dhimma Siimpsan osoo ilaallee raawwii yakkichaatiin booddee Siimpsan poolisiif harka hin kennuu jedhee yeroo baqate irraa kaasee sab-qunnamtii adda addaatiif madda oduu ta'ee ture. Guyyoota muraasa keessatti odeeffannoowwan Siimpsan yakkamaa taasisuu danda'an jedhaman bal'inaan faca'aniiru. kanneen keessaas; Sagalee haadha manaa isaa duraa kan waraabamee harka poolisii jiruuf Siimpsan balbala mana ishee akka cabse kan ittii ibsite, Siimpsan kanaan dura haadha manaa isaa durii reebu isaaf mana murtitti dhiyaatee amanuu isaa, haati manaa isaa durii Siimpsan kan ishee reebaa ture ta'uu deddeebistee poolisiif ibsuu ishee fi armaan dura ittistuu qillensaa konkolaataa ishee uleen rukutee cabsuu isaaf oduuwwan kana fakkaatanii fi Siimpsan raawwataa yakkichaa akka ta'e agarsiisan (fakeessan) keessatti argamu.[50]

Uwwisi bal'aan dhimma kanaaf laatame kun hawaasni dursee murtee ofii isaa akka kennuu fi adabbii cimaa akka eegu ni taasisa. Kana wajjiin wal-qabatee odeeffannoowwan hawaasa keessatti faca'aniifi himatamaa ilaalan ilaalcha hawaasaa irratti jijjiirama kan fiduu danda'an ta'anis, faayidaan gama seeraatiin qaban xiqqaa ta'uu danda'a. kana jechuun nama himatame sana yakkamaa jechisiisu dhiisuu danda'u. Gara biraatiin garuu hawaasni hunduu, ulaagaalee seeraa ni beeka jedhame hin yaadamu. kana jechuun immoo odeeffannoowwan dhiyaataniifi nama himatame sana wajjiin walitti dhufeenya qaban hunda akka yaada itti gaafatamummaa nama sanaa cimsanitti fudhachuu danada'a.

Odeeffannoon dhiyaate hunduu mana murtii ni fayyada jechuun hin danda'amu. Ilaacha hawaasaa garuu jijjiiruu ni danda'a. Rakkoon kana wajjiin wal-qabatee dhufu danda'u yoo ilaallu mannii murtii dhimmicha irratti murtii yeroo laatu wanti hawaasni eegeef murteen laatame kan wal hin madaalle yoo ta'e, hawaasni murtii abbootiin seeraa dabarsan sana ija shakkiin akka ilaalu godha. Inni kun immoo hawaasni manneen murtii dhiibbaa qaama kam irraa iyyuu bilisa dha jedhee akka hin amanne taasisa.

[50] Akkuma olii

Muuxannoo biyyoota biraatiin uwwisni bal'aan sab-qunnamtii dhimmoota yakkaatiif laatan kallattiidhaan ilaalcha hawaasaa irratti kan jijjiirama fidaniifi amantaa hawaasni manneen murtii irrati qabu kan hirrisan ta'uun ni ibsama.

Dhimma O.J. Siimpsan wajjiin wal qabate dhimmichi uwwisa bal'aa argachuun isaa hawaasni kabaja ogeeyyii seeraa fi dhaabbilee sab-qunnamtiif qabu kan balleesse akka turee fi akka waliigalaatti sirna haqaa yakkaa irratti amantaa hawaasni qabu kan xinneesse ta'uun isaa yaada hawaasa irraa funaaname bu'uureeffachuun aldaan ogeessota seeraa Amerikaa (American Bar Association) ibsee jira.[51]

Haaluma wal fakkaatuun biyyaa Indiyaa keessatti dhimmi waldhabbii sab-qunnamtii fi manneen murtii gidduu jiru kan yeroo dhihoo ta'us, yeroo ammaa kana garuu akka rakkoo cimaatti kan mul'achaa jiru ta'uun isa ni ibsama. Babbal'inaa fi guddina sab-qunnamtii wajjiin wal-qabatee rakkoon dhaddacha sab-qunnamtii ykn "Media Trial" fudhatama manneen murtii irratti dhiibbaa akka qaqabsiisaa jiru ni mul'ata.[52]

2.5. Uwwisa Bal'aa Dhimmootaa Murteen Duraa (Pretrial Publicity)

Gama tokkoon dhaabbileen sab-qunnamtii mirga odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu kan qaban yoo ta'u gara biraan fakkeenyaaf dhimmoota raawwii yakkaan wal qabatee mirgi namoota himatamanii akka bilisatti tilmaamamuu fi dhaddacha bilisa ta'etti keessummaa'uu kan heeraan mirkanaa'ee haala dhiyyessa dhimma yakkaa sab-qunnamtiitiin wal qabatee kan sarbamuu danda'u dha.

Rakkoon kun biyyoota dhihaa keessatti *'free press vs free trial'* kan jedhamu yoo ta'u kana wajjiinis wal qabatee dhimmoonni heddu kan ka'an yoo ta'u isaan keessaas dhimmi yakkaa tokko osoo manni murtii hin ilaalin dura uwwissa bal'aa laachuu (pretrial publicity) kan fakkaatan kanuma wajjiin kan ilaalaman dha.

[51] S.L. Alexander , Covering the Courts, *A Handbook for Journalists*, 2nd Ed. Rowman & Littlefield publishers. Inc. ,2003, Preface pp. ix

[52] Justice R.S.Chauhan , Trial by Media: An International perspective, (2011) PL, http://www.supremecourtcases.com, 05/07/05

Yaadrimeen uwwisa bal'aa dhimmi tokko murteen dura argatu (pretrial publicity) jedhu walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii giddutti dhimmoota ka'an keessaa isa guddaa fi ijo dha. Inni kunis manni murtee dhimmicha ilaalee osoo murtii hin dabarsin abbootii seeraa ykn qaamolee murtee laatan kan biroo fkn (Jury) irratti haala dhiibbaa fi jijjiirama ilaalchaa fiduu danda'uun odeeffannoo dhimma sana, ykn raawwii fi raawwataa yakkaa irratti xiyyeeffatu bal'inaan gabaasuu ykn barreessuu ilaala.

Barreessitoonni tokko tokko Yaadrimee kana (pre-trial Publicity) Iddoo lamatti hiranii ilaalu. Inni jalqabaa Uwwisa firii dubbii dhimmichaaf laatamu kan ilaalu (factual pretrial publicity) yoo ta'u inni lammaffaa uwwisa dhimmaa wantoota miira namootaa tuquu danda'an of keessatti kan qabate (emotional pretrial publicity) dha.[53]

Uwwisni bal'aan firii dubbichaatiif laatamu fakkeenyaaf namni tokko yakka raawwachuu amanuu isaa fi kan fakkaate of keessatti kan qabatu yoo ta'u uwwisni bal'aan dhimmoota miira namoota kakaasu (tuquu) danada'an jedhaman keessaa fkn dubartiin tokko haala sukaneessaa ta'een ajjeefamu ishee ykn gudeeddin itti raawwatamu isaa ykn haala addaa fi gaddisiisaa yakkichi itti raawwatame gabaasuu ykn maxxansu ta'uu danda'a.[54]

Haalli dhimmoonni kunneen itti gabaasaman abbootii seeraa ykn (jury) irratti dhiibbaa qaqqabsiisuu isaanii akka waliigalaatti kan ilaalamu dha. Abbootiin seeraa yookaan miseensonni (jury) himatamaan yakka raawwachuu amanuun isaa ykn, haala sukaneessaa namni itti ajjeefame ykn dubartiin tokko itti gudeedamte bal'inaan gabaasamee dhagahuun isaanii murtee dabarsaniin nama himatame ilaalchisee yaada sirrii hin taane akka qabaatan kan taasisu danda'u ta'uu isaa ogeeyyiin tokko tokko ni ibsu.[55]

Dhimmoonni firii dubbii wajjiin wal qabatanii jiran akka ragaatti kan fudhatamu danda'anii dha. kana jechuun dhimma ilaalamu sana wajjiin rogummaa qabaachuu ni danda'u. Gama biraan gabaasaaleen miira namaa tuquu danda'an (emotional) dhimmicha wajjiin haala wal qabateen

[53] Wilson, Jeffrey R. and Bornstein, Brian H., "Methodological Considerations in Pretrial Publicity Research: Is the Medium theMessage?" (1998). *Faculty Publications, Department of Psychology.* Paper 172.
[54] Miiljalee Lakk. 53
[55] Akkuma olii

akka ragaatti fudhatamuu dhiisuu danda'u. Haata'uu malee dhiibbaa geessisuu danda'uu isaani barreessitoonni adda addaa ni ibsu.[56]

2.6. Wal-diddaa Sab-qunnamtii Bilisaa fi Dhaddacha Madaalawaa: Haala Biyyoota Adda Addaa keessatti Itti Keessummaa'an

Waldhabbiin sab-qunnamtii bilisaa fi mirga dhaddacha madaalawaan keessummaa'uu lammiilee biyyoota dhihaa keessatti kan waggoota dheeraa lakkoofsisee dha. Waldhabbiin kunis dhimmoota ijoo lamaan kanneeniif, dhaddacha madaalawaatti keesummahuu fi sab-qunnamtii bilisaa, (free press and fair trial) xiyyeeffanaa fi beekamtii laatameef irraa kan maddu akka ta'e barreessitoonni tokko tokko ni kaa'u. Dhimma kana ilaalchisee barreessaan tokko akkana jechuun ibsa:

> *"The conflict which arises between the media and the courts are consequences of the fact that our societies have recognized two values as fundamental, and have given them constitutional or quasi - constitutional status. These are the right to fair trial and public trial and the right of a free press"*[57]

Yaadrimeen ibsa armaan olii waldiddaan sabqunnamtii fi manneen murtii giddutti uumamuu kan maddu beekamtii fi duudhaalee dhimmoota gurguddoo kanneeniif hawaasni laate irraa akka ta'e kan ibsu dha.

Haala qabatamaa biyya keenyaan walidhabbii sab-qunnamtii fi mirga namoota himatamanii gidduu jiru ragaan deeggarnii dhiyeessuun rakkisaa ta'us hundeeffama manneen murtee fi diriirfamuu sirna haqaa fi guddina sab-qunnamtii biyyattii kan yeroo dhiyoo ta'uun isaa akka agarsiisutti fudhachuudhaan umrii dheeraa kan lakkoofsise akka hin taane tilmaamuun ni danda'ama. Muuxannoon biyyoota biroo garuu kan waggoota dheeraa lakkoofsisee dha.

[56] Akkuma olii
[57] Justice F.B. William Kelly, 1995, Free Press V. Fair trial: Judicial Media Interaction, The Society for the Reform of Criminal law, International Conference, Santa Monica, California.

Amerikaa keessatti fakkeenyaaf waldhabbiin sab-qunnamtii fi dhaddacha bilisaa bara 1807 irraa jalqabee kan mullachaa dhufe ta'un isaa ni ibsama.[58] Yeroon kunis himatamaa Aaron Barr jedhamu yakka biyya ganuu (treason) yeroo himatame irraa kaasee akka ture ni caqasama.
Ka'uumsi waldhabbii kanaa Amerikaa keessatti fooyya'insa heeraa (constitutional amendments) heera wajjiin kan walqabatee dha . Rakkoon guddaan kan muudachaa tureefi ammas mul'achaa jirus foyya'iinsa heera irratti godhame irraa kan maddee dha.

> *"One of the most troublesome conflict inherent to the Us Constitution is a problem called free press - fair trial."*[59]

Inni kunis fooyya'insa heera tokkoffaa fi jahaffaa giddutti kan mullattu yoo ta'u ogeeyyiin seeraa fi barreessitoonni adda addaa *'the conflict between first and sixth amendment'* jechuun kan kaa'ani dha.[60] Fooyya'iinsi duraa yookaan 'first amendment' jedhamee kan beekamu seera dhaabbilee sab-qunnamtiif mirga odeeffannoo dhimma yakkaa ilaalchisee fakkii (visual image) dabalatee argachuu fi tamsaasuu kan hayyame dha.

Gara biraatiin immoo fooyya'isa 'sixth amendment' jedhamee beekamu immoo kutaa heeraa mirga namoota himatamanii ilaalchisee jiru ilaala. Kutaa heeraa kana jalatti namoonni yakkaan himataman mirga dhaddacha ifaa fi bilisa ta'een ilaalamuu fi qaama murtee dabarsu (jury) dhiibbaa kamiyyuu irraa bilisa ta'een murtee argachuu akka qaban akeeka.

Waldiddaan qaamolee kanneeniis kan maddu hojii irra oolmaa mirgoota kana wajjiin haala wal-qabateeni dha. Kanuma wajjiin walqabatee yeroo adda addaatti dhimmoonni mirga odeeffannoo argachuufi tamsaasuu akkasumas mirga namoota himatamanii dhaddacha madaalawaa ta'etti ilaalamuu, mirga akka bilisatti tilmaamamuu fi kkf bu'uura gochuudhaan manni murtii waliigala Amerikaa murtee adda addaa dabarsee jira.

Dhimma beekamaa O.J. siimpsaniin dura dhimmoota walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii irratti xiyyeeffannaan akka laatamu taasisan keessaa tokko dhimma Dr. Saam

[58] Miiljalee lakk. 51
[59] Akkuma olii, fuula 295
[60] Akkuma olii

Shiipaard jedhamu ture. Dhimmi kunis namni Dr. Saamu'eel Shiippaard jedhamu bara 1954 yakka ajjeechaa haadha manaa isaatiin himatamee ture. Qorannoon yakkaa gaggeeffamaa ture Televizyiiniidhaan kallattiin (live) kan darbaa ture yoo ta'u, dubartiin biraa Dr. Shiippard irraa ulfaa'eera jechuun ishee fi yeroo dhimmi isaa mana murtiitiin ilaalamaa turetti dhimma sana ilaalchisee mormiin Televizyiiniidhaan darbaa ture. Manni murtii waliigala Amerikaa uwwisni bal'aan dhimma kanaaf laatame (pretrial publicity) mirga himatamaa dhaddacha madaalawaatti keessummaa'uu kan sarbee fi kan miidheedha jechuun murtii dhimmicha irratti laatame sagalee 8-1 ta'een diigee jira.[61]

Haaluma wal-fakkaatuun manni murtii waliigala Amerikaa dhimma *Rideau V Lousiana(1963)* irratti himatamaan yakka saamicha baankii, namoota sadii ugguruun (kidnapping) fi nama tokko immoo ajjeesuun kan himatame yoo ta'u, yakkicha raawwachuu isaatif jechi amantaa inni laate televizyiiniitiin guyyoota sadiif darbuun isaa(televised confession) namoota murtee laachuuf filataman (jury) irratti jijjiirama ilaalchaa kan fiduu danda'uufi mirga himatamaa kan midhuudha waan ta'eef gareen seeraa nama himatame kanaa iddoo dhimmichi itti ilaalamu akka jijjiiramu (change in venue) gaafatanis, abbaan seeraa dhimmicha ilaaluun murtii kan dabarse yoo ta'u, manni murtii waliigalaa mirgi namicha himatamee dhaddacha alloogessaa fi madaalawaa ta'etti keessuummaa'uu sarbamee jira jechuun murtii laatame diigee jira.[62]

Akkasumas dhimma *(Irvin Vs Dowd) 1961* irratti manni murtii yaada laateen namichi himatame kuni kanaan duras yakka kan raawwate ta'uun isaa (previous conviction) waan ibsameef miseensonni qaama seeraa murtii laaatu (jury) dursee waa'ee isa kanaa beekuun isaanii mirga himatamaa kanaa akka qulqullutti tilmaamuu ni miidha, kanaan dura yakka raawwachuun isaa beekamuun ilaalcha namootaa irraatti jijjiirama guddaa kan fidu waan ta'eef, jechuun murtee balleessummaa fi adabbii itti murtaa'ee digee jira.[63]

Gara biraatiin immoo mirga odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu sab-qunnamtii irrattis haala wal-fakkaatuun murtee haalli itti dabarse jira. Dhimma *press Enterprises v. Superior Court of California* Sab qunnamtiin dhimma tokko gabaasuu akka hin dandeenye kan dhoowwamuu

[61] (*Sheppard v Maxwell)*
[62] Miiljalee Lakk. 51, fuula 12
[63] Miiljalee Lakk. 51, fuula 13

qaban mirgi himatamaa mirga odeeffannoo tamsaasuu irraa caalaa eegamu (overriding interest) qaba yoo jedhamee yaadame qofa dha. Inni kunis dhagaha duraa irrattti dhaddacha cufaatti ilaalamuu kan qabu haalli qabatamaan nama himatame sana miidhuu (substantial probability of Prejudice) yoo jiraatee fi inni kunis kan hambifamuu danda'u dhaddacha cufuun yoo ta'e qofa dha.[64]

Dhaddachi ifa ta'uun isaa irra kan fayyadamaa ta'u himatamaa ykn shakkamaa akka ta'e ifa dha. Dhaddacha cufaatti dhimmichi akka ilaalamu taasisuun mirga odeeffannoo argachuu hawaasaa wajjiin akka walsimu gochuuf tarkaanfiwwan fudhataman jiru. Akka armaan olitti caqasametti fedhii nama himatameef qofa osoo hin taane dhaddachi banaa ta'uu isaatiin miidhaa qabatamaan irra gahuu danda'u yoo agarsiisuu hin dandeenye sab-qunnamtiin mirga dhaddacha hordofuu fi gabaasuu dhoowwuun hin danda'amu.

Himatamaan ykn shakkamaan dhimmi isaa dhaddacha cufaan akka ilaalamuuf barbaadu, dhaddachi banaa ta'uu isaatiin miidhaan isa irra gahu cimaa fi mirga namooma, kabajaa isaa fi murtee darbu danda'u irratti dhiibbaa akka fiduu danda'uu agarsiisuun irraa eegama jechuu dha. Kana gochuun fedhii odeeffannoo sab-qunnamtiin oli mirgi nama himatame sanaa akka eegamu ta'a jechuu dha.

Rakkoon waldiddaawwan sab-qunnamtii fi manneen murtii biyyoota gara garaa keessatti kan mul'atan yoo ta'u, Uk keessattis haala wal fakkaatuun kan muudachaa turee dha. Biyya UK keessatti dhaabbileen sab-qunnamtii raawwii yakkaa ykn to'annaa jala ooluu shakkamaa ilaalchise waanuma jiru (mul'atu) qofa gabaasuu danda'u , adeemsa dhaddachaa irrattis Odeeffaannoo mana murtitti dhiyaate qofa irratii gabaasuu qabu.[65]

Akka waliigalaatti waldiddaan sab-qunnamtii fi manneen murtii sirnoota hunda keessatti kan mul'atuu fi biyyoota adda addaa keessatti haala adda addaatiin kan furmaatni laatamuuf yaalamee dha.

[64] Miiljalee 57, 478 U.S. (1986)

[65] Akkuma olii, : .....in the UK news media are restricted to from publishing anything more than the simple facts of an arrest or crime and, in reporting on trial, can only report on the information presented in court.

Sadarkaa addunyaatti walitti dhufeenya dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii ilaalchise waliigalteewwan taasifaman keessaa 'The Madrid principles on the Relationship between the Media and Judicial Indipendence' isa tokko dha. Ogeeyyiin seeraa fi bakka bu'oonni sab-qunnamtii biyyoota 39 irra dhufan kan hirmaatan yoo ta'u , qajeeltoowwan adda addaa walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii ittiin hoogganamu teechisaniiru. yaadni ijoo qajeeltoo kanaa akka armaan gaditti dubbifama:

> *It is the function and right of the media to gather and convey information to the public and to comment on the adminstration of justice, including cases before , during and after trial, without violating the presumtion of innocence.*[66]

Qajeeltoo Maadriid kana irraatti mirgi yaadaa bilisaan ibsachuu hawaasa dimookraatawa ta'ee hundaaf bu'uura akka ta'ee fi sab-qunnamtiinis hojii irra oolmaa mirga kanaaf gahee fi itti gaafatamummaa guddaa akka qaban kaa'ameera. Yaada qajeeltoo kanaa (Freedom of expression) irraa maquun kan danda'amu haala Waadaa Mirgoota Sivilii fi Siyaasaa Idil-addunyaa irratti caqasamaniin qofa akka ta'e ni akeeka. Dabalataanis dhimmootni bulchiinsa haqaa wajjiin wal qabatan irratti dhoorki addaa hin teechifamu. Kana jechuun dhimmoonni sirna haqaa keessatti mul'atan akkuma dhimmoota isaan kaanitti kan ilaalamanii fi kan hordofaman akka ta'aniifi eegumsi addaa kan taasifamuuf akka hin taane kaa'a.

Kana jechuun garuu dhimmoota iciitii ta'aniifi qorannoo yakkaa wajjiin wal-qabatan hin eegaman jechuu miti.Icciti kanneen eeguun akka mirga namoota himatamanii akka bilisaatti tilmaamamuu eegsisutti ilaalamuu qaba.Inni kunis mirga namoota himatamanii qorannoo yakkichaa ilaalchisee odeeffannoo kennuu irraa kan isaan ittisuu miti. [67]

Biyyoota dhimmi kun baay'ee itti itti babal'ateera jedhaman akka USA faattii dhimma kana keessummeessuuf abbootiin seeraa aangoo ol'aanaa kan qaban yoo ta'u, dhimmoonni deebii quubsaa argachuu hin dandeenye garuu hanga mana murtii waliigalaatti deemuudhaan murtaa'u.

[66] Madrid principles on the Relationship between the Media and the Judiciary, 1994.
[67] akkuma olii

Raawwii kana wajjiin walqabatee Manni Murtii Waliigala Amerikaa dhimma *Shippard* irratti bu'uureeffachuun, abbaan seeraa mirga nama himatamee eegsisuu hin dandenye jechuun , rakkoowwan wal- fakkaatan hambisuuf qajeelfamoota tokko tokko laate ture.

Kanniin keessaas;

- Haala sab-qunnamtiin dhaddacha itti fayyadaman ilaalchisee ajaja cimaa ta'e baasuu
- Adeemsa dhaddacharratti rakkoo ni uuma yoo ta'e lakkoofsa sab-qunnamtii daangessuu
- namoota ragaa ta'uu danda'an midiyaa irraa eeguu
- dhimmicha ilaalchisee qaama kamiinu (ogeessa seeraa,namoonni ragaa ta'an, fi kan biroo dabalatee) yaadni murticha ilaalu akka hin laatamne ittisuu
- dursee odeeffannoon dhimma sana ilaalu fi mirga himatamaa sarbu hawaasa bira ga'eera jedhee yoo amane abbaan seeraa iddoo dhaddachaa jijjiiruu.
- Qaama murtii dabarsu (jury) odeeffannoo argachuu irraa ittisu fi kkf kan kaa'aman yoo ta'u dabalataan ABA (American Bar Association) immoo dhimma kana ilaalchise yaada furmaataa (reccomendations) kan qopheesse yoo ta'u isaan keessaas qajeelfama katzenbatch-Mitchel jedhamu isa tokko dha.

Akka qajeelfama kanaatti ogeeyyiin ykn hojjattoonni haqaa, miidhaa himatamaa muudatu (prejudice) hanbisuuf dhimmoota armaan gadii irratti odeeffannoo akka hin laanne ni ajaja.

- Amala nama himatamee irratti wantoota hubataman
- Jecha himatamaa, jecha amantii laachuu isaa, himatamaan callisuu isaa
- Dhimmoota qorannoo laabraatorii, ashaaraa fi kkf ykn namichi qorannoowwan kanneen fudhachuuf diduu isaa
- Ragaa fi yaada mormii dhimmichaa ilaalchisee
- Jecha eenyummaa,wanta ragaa bahamu, fi amanamummaa namoota ragaa ta'anii iaalchisee
- Himatamuu danda'uu himatamaa yaada yakka gadi aanaa raawwachuuf amanuu (plea to lesser offence)

Haala qabatamaa jiruun biyyoonni adda addaa adeemsa adda addaa kan hordofan ta'uu isaaniiti. Manneen Murtii UK fi Awustraaliyaa qajeelfama baasuufis ta'ee ajaja laachuuf aangoo hin

qaban. Inni kun immoo dhimmichi aangoo abbaa seeraa akka ta'u taasisa. Biyya keenya keessatti qajeelfamni dhimma kana ilaaluuf ifatti kaa'ame hin jiru.

Haalli qabatamaa Amerikaa, mirga namootaa irraa sab-qunnamtii bilisaaf kan xiyyeeffannaa laatuu dha jechuun ogeeyyiin tokko tokko ni caqasu. Faallaa kanaan seerrii fi hojimaatni UK mirga namoota himatamniitiif kan dursa laatu yoo ta'u yaa'iinsa odeeffannoo to'achuu iraatti kan xiyyeeffatuu dha.[68]

Mirgi dhaddacha madaalawaatti keessummaa'uu kabajamuu isaa mirkaneessuuf, biyyi Inglaand dhangala'a odeeffannoo daangessiteetti. Seera Dhaddacha Jeequ bara 1981 ba'een manneen murtii Inglaand gochoota bulchiinsa haqaa irratti danqaa ta'an, miidhaa geessisuu danda'an ykn jeeqan adabuuf aangoo gonfataniiru.[69] Inni kunis kallattiidhaan hojii sab-qunnamtii wajjiin kan walitti dhufeenya qabuu dha.

Rakkoowwan walitti dhufeenya qaamolee kanniin giddutti mul'atu furuuf sirnoota (biyyoota) adda addaa keessatti yaaliwwan adda addaa taasifamaniiru. Dhimmi kana wajjiin wal -qabatee muuxannoo yeroo dheeraa qabdi jedhamtee kan fudhamtu Amerikaa yoo taatu yeroo gara garaatti waldiddaa qaamolee kanneen lamaan gidduu jiru hiikuuf ykn xinneessuuf tooftaawwan adda addaa fayyadamaa turteetti. kannin keessaas;

- Qaama murtii dabarsu (jury) hubannoo dhimma sanaa qabaachuu isaanii xiinxaluu
- Qaama murtii dabarsu (jury) hawaasa irraa foo'uu. (Jury sequestration)
- Sab-qunnamtiin akka dhaddacha irratti hi argamne dhoorkuu (gagging of the media)
- Mana murtii dhimmichi itti ilaalamu jijjiiruu (change of venue)
- Hirmaattonni falmii dhimmicha irratti yaada akka hin laanne ittisuu (dhoorkuu) (silencing of trial participants)[70]

[68] Miiljalee lakk. 57
[69] Akkuma olii
[70] Miiljalee Lakk. 39

Akkasumas biyyi Awustraaliyaa waldadhabbii uumamuu danda'uu haala xinneesuu danda'uun kutaa ofisara miidiyaa hundeessuun, dhimmoota sab-qunnamtiif manneen murtii gidduu jiran furuuf yaalu.

Akka waliigalatti walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii ilaalchisee akkaataa biyyoonni adda addaa dhimmicha itti furuuf yaalan iddoo lamatti hirree ilaaluu dandeenya. Yaaliin inni jalqabaa sab-qunnamtiif bilisummaa hin daangofne laachuufi rakkoowwan dhimma kana wajjiin walqabatee dhufu furuuf tarkaanfiiwwan adda addaa fudhachuu kan jedhu dha.

Haala armaan olitti ilaalleen mirga sab-qunnamtiif irra caalaa xiyyeeffannaa ni laatti kan jedhamtu Amerikaa keessatti, bu'uura fooyya'insa heera Amerikaa tokkoffaatiin yookaan 'first amendment' jedhamee beekamuun, mirga sab-qunnamtii odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu irraatti daangaa kaa'uun akka hin danda'amnee fi koongirasiin Amerikaas dhimma kana irratti seera baasuu akka hin dandeenye heerri ifatti kaa'ee jira. Kunis sab-qunnamtii biisummaa guutuu kan gonfatan ta'uu isaanii agarsiisa. Wal-diddaa dhaddacha madaalawaa wajjiin dhufuu danda'u hanbisuuf dhimmoota armaan olitti akka fakkeenyatti ka'an tokko tokko irratti ilaalleen furuuf yaalii godhu.

Biyyoota akka UK fi Kaanaadaa keessatti immoo jalqabuma irraa kaasee wantoota sab-qunnamtiin darbuu qabanii fi hin qabne adda baasuun daangaa kaa'uu irratti kan xiyyeeffannaa laatuu dha. Sab-qunnamtiin daangaa kaa’ameef qofa keessatti mirga isaaniitti fayyadamu kan danda'an yoo ta'u rakkoowwaan mirga namoota himatamanii (dhaddacha madaalawaan keessummaa'uu) wajjiin wal-qabatee jiru eegsisuuf jalqaba irraa kaasee tarkaanfii adda addaa fudhachuuf manneen murtii (abbootiin seeraa) aangoo qabu.

BOQONNAA SADII

WALITTI DHUFEENYA DHAABBILEE SAB-QUNNAMTII FI MANNEEN MURTII: HAALA QABATAMAA BIYYAA FI NAANNOO OROMIYAA

Walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii haala qabatamaa biyyaa fi naannoo keenyaa maal akka fakkaatu xiinxaluun kaayyoo qorannoon kun galmaan gahuuf ka'e keessaa isa tokko dha. Haaluma kanaan daataawwan fi odeeffannoowwan dhima kana hubachuuf barbaachisan jedhaman ilaalamuu fi akkaata itti argamaniin dhihaachuu qabu. Galmaan gahiinsa kaayyoo qorannichaatiifi deebiiwwan qoranichi kaase deebisuuf argannoowwan odeefannoo funaaname irraa argaman ni ibsamu. Inni kunis bu'uura odeeffannoo kana irratti hundaa'uudhaan dhimmoota akka rakkotti kaa'amanii fi jiran hubachuu fi furmaata laachuu dandeessisa.

KUTAA TOKKOFFAA

3.1. Bu'aa Waliigalaa Odeeffannoowwan Funaanamanii

3.1.1. Seerotaa fi Hojimaatalee Walitti Dhufeenya Dhaabbilee Sab-Qunnamtii fi Mannenn Murtii Ittiin Hooganaman

Walitti dhufeenyii gaariin qaamoleen haqaa, keessattuu manneen murtii sab- qunnamtii wajjiin qaban dagaagina sirna dimokraasii, foyya'iinsa sirna haqaatiifi fayyadamummaa hawaasaatiif bu'aan buusu guddaa dha. Walitti dhufeenya kana immoo bu'uura cimaa ta'e irratti utubuuf seerri, qajeelfamni ykn hojiimaatni waliigalaa jiraachuun isaa barbaachisaa dha. Haaluma kanaan walitti dhufeenya dhaabbilee sab qunnamtii biyyaa fi naannoo keenyaa seerri itti hoogganamu jiraa? gaafiin inni jedhu deebii argachuu qaba. Inni kunis sirna wal-deeggaruuf wajjiin hojjachuu qaamolee kanneen lamanii fi dhimmoota kanneen wajjiin wal qabatanii ka'an, kan akka bilisummaa abbaa seerummaa, mirga odeeffannoo argachuu hawaasaa, mirga namoota himatamanii ykn shakkamanii akka bilisatti tilmaamamuu fi dhaddacha madaalawaa ta'etti keessummaa'uu fi dhimmota kana fakkaatan irratti waldiddaawwan uumamuu danda'an xinneessuun ni danda'ama.

Akka biyyattis ta'ee akka naannotti walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii ilaalchisee seerri ykn qajeelfamni kallattiidhaan dhimma kana hoogganu akka hin jirre fi heera, seerotaa fi immaamata gulaallii sab-qunnamtii adda addaa keessatti kan faffaca'anii argaman ta'uun isaanii hubatameera.

Jalqaba akka madda seeraatti kan fudhatamu heera mootummaa biyyattii yoo ta'u, kutaaleen heerichaa bilisummaa manneen murtii fi abbaa seerummaa, mirga odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu lammiilee, akkasumas mirga akka bilisaatti tilmaamamuu namoota himatamanii fi mirga dhaddacha madaalawaan murtii argachuu ilaalchisee jiran bu'uura akka ta'an ni ibsu.

Heera mootummaa RFDI keewwata 29 (2) namni kamiyyuu mirga odeeffannoo gaafachuu, argachuu fi dabarsuu akka qabu fi akkasumas bilisummaan maxxansaa (press) fi sab-qunnamtii biroo kan kabajame ta'uu isaa Heerri mootummaa keww. kana keewwata xiqqaa 3 jalatti ni teechisa.

Keewwata 20 Heera mootummaa RDFI jalatti namoota himataman ilaalchisee tumaan jiru mirga dhaddacha banaatti keessummaa'uu fi mirga akka bilisatti tilmaamamuu akka qaban ibsa. Bilisummaa manneen murtii ilaalchisee Heerri Mootummaa keewwata 79(2) jalatti manneen murtii sadarkaa kamiyyuu irratti argaman dhiibbaa qaama kamiyyuu irraa bilisa ta'anii hojjachuu akka qaban ni ibsa.[71]

Tumaaleen heera mootummaa kunneen kallatinis ta'ee al-kallatiin walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii gidduu jiru irratti raawwii kan qaban dha. Mirgi odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu kan heeraan kabajame ta'us, haala bilisummaa abbaa seerummaa fi manneen murtee hin tuqnetti akkasumas mirga namoota shakkamanii akka bilisatti tilmaamamuu hin miinetti itti fayyadamuun barbaachisaa ta'uun isaas Heera Mootummaa keessatti kaa'ameera.

Kana malees labsiin Sab-qunnamtii fi Bilisummaa odeeffannoo lakk. 590/2000 dabalataan walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii irratti, dhimmoota ijoo ta'an ilaalchisee qajeelafamoota seeraa kan kaa'e yoo ta'u al-kallattidhaan gaaffiwan muraasaaf kan deebii laatee dha. Keewwatni 21 labsii kanaa odeeffannoo laachuu wajjiin wal qabatee dhimmoota mana murteen ilaalamaa jiraniifi adeemsa himatichaa danquu danda'an, haqa kan jallisu yoo ta'e

[71] Miiljalee lakk.2 kew. 79(2)

yookaan madaalawaa ta'uu adeemsichaa kan miidhu yoo ta'e, odeeffannoon laatamuu akka hin qabne ni teechisa.

Dabalataan immoo Immaamatni gulaallaalii (Editorial) dhaabbilee sab-qunnamtii biyya keenyaa fi naannoo keenya haaluma walfakkaatuun adeemsii ykn hariroon manneen murtii fi hojii abbaa seerummaa wajjiin qaban (keessattu dhimmoota manneen murtiitiin ilaalamaa jiraniin wal qabate) akkamitti akka gaggeeffamu qaban haalli itti ibsan ni jira. Kana wajjiinis wal qabatee Imaammanni Gulaallii Dhaabbata Raadiyoofi Televizyiinii Itoophiyaa bara 1997 ba'e, Imaammata Gulaallii FBC (koorporeeshiinii Tamsaasaa Faanaa), Imaammanni Gulaallii Dhaabbata Raadiyoof Televizyiinii Oromiyaa ejjannoo dhimmoota kana irratti qaban ifatti teechisaniiru.

Akkasumas seera yakkaa keessatti kallattiinis ta'e al-kallattiidhaan seerri dhimmoota sab-qunnamtii fi manneen murtii irratti raawwatamiinsa qaban kaasuun barbaachisaa dha. Keewwata 449 yakka dhaddacha jeequu (contempt of courts), keewwata 450 jalatti icciitii adeemsa falmii ibsuu kan jedhuu fi dabalataan Seera Yakkaa Itoophiyaa bara 1996 bahe keewwata 451(1) irratti adeemsa kenniinsa murtii ilaalchisee gabaasa dogoggoraa ibsu mata duree jedhu jalatti, namni kamiyyuu dhimma beellama ykn dhagaha irra jiru ykn murtii hin arganne ilaalchisee odeeffannoo dogoggoraa ykn qabatamaa hin taane, yaadannoo, firii dubbii ykn gabaasa yoo ibse akka adabamu ni teechisa.[72]

Dabalataanis waligalteewwan adda addaa sadarkaa idil addunyaatti gaggeeffamanii fi biyyi keenya mallatteessite keessattis seeronnii fi qajeelfamoonni argaman ka'uu ni danda'u. Isaan keessaas Labsii Mirga Namoomaa Idil addunyaa (UDHR), Waadaan Mirgoota siviilii fi Siyaasaa Adunyaa (ICCPR), Deklaaraasiyooni Mirga Dhagaha Madaalawaa Daakaar ni argamu.

3.1.2. Hariiroo Sab-Qunnamtii fi Manneen Murtii Yeroo Ammaa

Dhimma manneen murtii fi sab-qunnamtiin walitti dhufeenya yeroo akkaa qaban ilaalchisee hooggantoonni sab-qunnamtii fi ogeeyyiin (gaazexessitoonni) afgaaffiin dhiyaateefi gaafataman 10 keessaa 6 (%60) walitti dhufeenyi manneen murtii wajjiin qaban haala gaarii jedhamuun kan ibsamu ta'uu isaa ni kaa'u. Kana jechuun garuu walitti dhufeenyi isaanii hir'ina hin qabu jechuu

[72] Seera Yakkaa RFDI, Labsii Lakk. 414/1996

akka hin taane ifa. Gadi bu'ee haala ilaalluun manneen murtii fi dhaabbilee sab-qunnamtii gidduu rakkoon qabatamaan mul'atu ni jira.

Dubbiin ijoon manneen murtii fi dhaabbileen sab-qunnamtii walitti dhufeenya gaarii qabaachuun isaanii waldhabbii qaamolee lamaan giddutti uumamu danda'u hanbisuudhaan ykn xinneessuudhaan kaayyoo galmaan gahuuf qabatan akka milkeessan isaan gargaara. Faayidaan waliif buusanis guddaa dha.

Sab-qunnamtiin hojii abbaa seerummaa fi akka waliigalaatti haala qabatamaa sirna haqaa keessa jiru irratti fedhii (interest) akka qaban ifa dha. Gama biraatiin midiyaan ija hawaassaa ta'uu isaatiin manneen murtii maal akka hojjechaa jiran hawaasaaf dhiyeessuun ummanni hubannoo manneen murtii irratti qabu akka guddifatu gargaara.

Kana ilaalchise abbootii seeraa (pirezidaantota manneen murtii dabalatee), gaazexessitootaa fi hooggantoota isaanii irraa odeeffannoon funaanameera.

Bu'uura daataa funaanameen hoggantoonnii sab-qunnamtii fi gaazexessitoonni akkasumas abbootiin seeraa (pirezidaantota manneen murtii dabalatee abbootiin seeraa afgaaffiin dhiyaateef 36 keessaa 32 (%88.8) ta'an dhimma kana irratti gaafataman akka waliigalaatti dhaabbilee sab-qunnamtii wajjiin walitti dhufeenyi gaariin qabana jedhanii kan kaasan yoo ta'u, dhimmoonni ijoo ta'aniifi akka rakkotti furmaata barbaadan akka jiranis ibsaniiru. Walitti dhufeenyi gaarii jedhame kan ibsame kallattidhaan wal dhabbiin (confrontation) hin jiru kan jedhu dha.

Rakkoowwan gama sa-qunnamtiitiin ka'an keessaa manneen murtii odeeffannoo laachuu akka dirqama isaanitti yookan mirga sab-qunnamtitti hubachuu dhabuu[73], sirna (system) sab qunnamtii itti keessumeessan hin qabaatin hafuu[74] kan fakkaatan kaasaniiru.

3.1.3. Hubannoo Abbootiin Seeraa Dhimmoota Sab-Qunnamtiin Darbuu Qaban Irratti Qaban

Gahee abbootiin seeraa walitti dhufenya manneen murtii fi sab-qunnamtii wajjiin qaban murteessan keessaa hubannoon abbootiin seeraa dhimmoota yakkaas ta'ee dhimmoota hojimaata manneen murtii wajjiin wal-qabatee sab-qunnamtiin darbuu qaban irratti qaban dha. Inni kun

[73] Eliyaas G/sillaassie, Gaazexeessaa Gaazexaa Kaappitaal afgaaffii gaafa 08/05/05 gaggeefame.
[74] Akkuma olii

gama tokkoon hawaasni manneen murtii irraa maal dhagahuu fi baruu qaba gaaffii jedhuuf deebii kan laatu yoo ta'u gara biraatiin immoo mirga odeeffannoo argachuu fi tamsaasuun sab-qunnamtii akka kabajamu gargaara.

Dhimma yakkaa kamtu ykn sadarkaa kam irratti argamutu uwwisa argachuu ykn sab-qunnamtiif ibsamuu qaba? Yakka (dhimma) sana ilaalchisee maaltu gabaasamuu qaba? Isa jedhuufi gaaffiwwan kana fakkaataniif deebi laachuuf, hubannoo isaa qabaachuun tarkaanfii isa jalqabaa ta'a. Sababni isaas sab-qunnamtiin raawwii yakka tokkoo ilaalchisee odeeffannoo argachuu fi hawaasaaf dhiyeessuuf mirga kan qaban waan ta'eef (mirgi kun kan daangaa hin qabne (absolute) ta'uu baatus) abbootiin seeraas haluma kanaan gaaffii sab-qunnamtii keessuummeessuuf dhimmoota sab-qunnamtiin darbuu qabaniifi hin qabne irratti hubannoon qaban murteessaa dha. Yaada kana bu'ureeffachuun abbootii seeraa manneen murtii qorannoo kanaaf filataman keessatti tajaajilan irraa daataan sassaabameera.

Haaluma kanaan abbootii seeraa kunneen sadarkaa hubannoo dhimmoota sab-qunnamtiin darbuu qaban irratti qaban akka sadarkeessan gaafatamanii, isaan keessaa abbootiin seeraa **%10** ta'an sadarkaa hubannoo isaanii "**daran ol'aanaa"** jechuun kan kan kaa'an yoo ta'uu **%30.6** kan ta'an immoo ol'aanaa jechuun ibsaniiru. Sadarkaan **"quubsaa"** jedhu **%33** kan tokkoffaa irratti taa'e yoo ta'u hubannoo qaban "**gad aanaa"** jechuudhaan kan ibsan immoo **%22.6** kan ta'anii dha.

3.1.4. Dhimmi Yakkaa Uwwisa Bal'aa Argachuun Isaa Abbaa Seeraa Dhimma Sana Ilaalu Irratti Dhiibbaa Fiduu Danda'aa?

Dhimmoota walitti dhufeenya dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii wajjiin wal-qabatee yeroo baay'ee xiyyeeffannaan laatamuuf keessaa kan iddoo guddaa qabatu uwwisni dhimmoota yakkaa qalbii hawaasaa qabataniif (sensational crimes) laatamu abbootii seeraa dhimmicha ilaalan irratti dhiibbaa hin malle fiduu (akkaataa seeraan qofa akka hin murteessine) danda'u moo hin danda'an? isa jedhu dha.

Barbaachisummaa deebii gaaffii kanaa hubachuun abbootii seeraa manneen murtii sadarkaa adda addaatiif gaaffiin dhiyaatee deebiin itti laatameera.

Abbootii seeraa mata duree kana irratti bargaaffiin dhiyaateef keessaa **%65** uwwisni dhimmoota yakkaa baay'ee suukaneessaa ta'anii fi hawaasa biratti xiyyeeffannaa guddaa argataniif laatamu

murtii abbaan seeraa dabarsu irratti dhiibbaa hin malle ni qaqqabsiisa jedhanii akka amanan ibsaniiru. Abbootiin seeraa **%28** ta'an garuu dhimmoonni sab-qunnamtiin darban kunneen abbootii seera irraattis ta'e murtee dabarsan irratti dhiibbaa hin qaqqabsiisan jedhanii amanu isaanii teechisaniiru. Isaan hafan yaada addaa kan jedhu jalatti kan ibsa laataniidha.

Akkasums ogeeyyii Poolisii Federaalaa fi naannoo Oromiyaa irraa af-gaaffiidhaan odeeffannoo argameen dhimmoonni tokko tokko keessattuu raawwii yakkaa ciccimoo wajjiin wal qabatee haalli itti gabaasaman abbootii seeraa irraatti dhiibbaa hin malle kan qaqqabsiisuu danda'an ta'uu isaanii ni amanu. [75]

3.2. Sakkata'a Daataa Sab-qunnamtii Irraa Funaaname

Sab-qunnamtiin akka qaama itti gaafatamummaa guddaa qabutti fi qaamolee adda addaa wajjiin walitti dhufeenya (interaction) qabutti, walitti dhufeenyi qaamolee kanniin wajjiin qabu haala kamiin akka gaggeeffamuu qabu fi akkamitti odeeffannoon qaamota kana ilaalu hawaasa biraan gahamuu qaba inni jedhu dursa gaaffii deebii argachuu qabu ta'a.

Manneen murtii qaama mirga lammiileef wabii ta'ee fi dhiibbaa qaama kamiin irraa iyyuu bilisa ta'ee ummata tajaajilu kan qabu ta'uun isaa ifa dha. Kana malees manni murtii madda odeeffannoo guddaa sab-qunnamtii (dhimmoota fedhii hawaasaa (public interest) ijoo ta'an keessaa tokko waan ta'eef) akka ta'es wanta hubatamu dha.

Akkaataa kanaan sab-qunnamtiin (ogeeyyiin) isaanii hubannoon walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii irratti akka waliigalatti qaban maal akka fakkaatuu fi akkasumas mirga namoota himatamanii, hubannoo bilisummaa abbaa seerummaa ilaalchisee qabanii fi hojiin ykn tamsaasni isaanii ilaalcha (amantaa) hawaasni manneen murtii irratti qabu jijjiiruu isaatiif of eeggannoon taasisan maali? inni jedhu gaaffii xiyyeeffannaa guddaan laatamuufi qabuu dha.

Dabalataan haalli hojiin ykn adeemsi sab-qunnamtiin hordofan seerota ykn hojimaataalee walitti dhufeenya manneen murtii wajjiin qaban wajjiin deemuuf dhiisuun isaa maal fakkaata isa jedhu hubachuun rakkoo sab-qunnamtii fi manneen murtii gidduuti jiraachu danda'u furuuf akka galtee tokkotti ni fayyada jedhamee amanama.

[75] Saajin Damissaw Bantii, Komishiinii Poolisii Federaalaa, Qopheessaa Ol'aanaa Gaazexaa Poolisii ,27/05/05.

Dhugaa kana bu'uureeffachuun sab-qunnamtii kutaa biyyattii fi naannoo Oromiyaa adda addaa keessatti argaman irraa odeeffannoon gaaffilee kanaaf deebii laachuu danda'u funaanameera. Gaafiiwwan ka'aniifi deebiwwan laataman armaan gadiitti teechifamaniiru.

Gaaffii *tamsaasni ykn maxxansi manneen murtii irratti hojjattan jijjiirama ilaalchaa hawaasa biratti fiduu danda'u hubannoo keessa galchuu irratti of eeggannoo gootan akkamitti sadarkeessitu?* isa jedhuuf gaazexessitoonni **%44** ta'an **"daran ol'aanaa"** jechuun kan ibsan yoo ta'uu , ofeeggannoo taasisan **"ol'aanaa"** jechuun kan ibsan immoo dhibbeentaa **40** kan ta'anii dha. gaaffi kanaaf namoota deebii laatan keessaa immoo **%16** kan ta'an of eeggannoo gama kanaan taasisan gad-aanaa jechuun deebisaniiru.

Hojii keessan gaggeessuu (sagantaalee fi gabaasaalee tamsaastan ykn maxxansitan) keessatti mirga namoota shakkamanii hubannoo keessa galchituu? gaaffii jedhuuf deebii laattonni **%88** ta'an (Gaazexessitoonni 23) **"eeyyee"** jechuun kan deebii laatan yoo ta'u dhibbeentaa **8** kan ta'an immoo **"lakki"** jechuun deebisaniiru.

Gama seeraatinis hubannoo qaban ilaalchisee gaaffiin dhihaatee jira. Hubannoo daangaa hojii, mirgaa fi dirqama seeraa dhaabbilee sab-qunnamtii irratti ni qabduu? jedhamee gaaffii gaafatameef deebiii laattonni **25** (ykn **%96)** ta'an **"eeyyee"** jechuudhaan kan deebisan yoo ta'u hubannoo isaa hin qabu **"lakki"** jechuun kan deebii laate nama tokko qofa dha. Gaaffii kana wajjiin wal-qabatee namoonni eeyyee jechuun deebii laatan hamma sadarkaa hubannoo isaanii akka kaa'an gaafatamanii**, %65** kan ta'an sadarkaa **"quubsaa"** jedhuun kan ibsan yoo ta'u **% 16** fi **%12** kan ta'an immoo akkuma tartiiba isaaniitiin **"ol'aanaa"** fi **"daran ol'aanaa"** jechuun sadarkeessaniiru. Haaluma wal fakkaatuun namoota gaafataman keessaa dhibbeentaa **8** kan ta'an immoo hubannoo isaanii **"gad- aanaa"** jechuun ibsaniiru.

Gaaffin ijoo fi qorannicha keessattis akka kaayyootti kan kaa'ame, dhimmoota yakkaa irratti gabaasaaleen dhiyaatan yookaan sagantaaleen hojjataman akka waliigalaatti abbootii seeraa irratti dhiibbaa ni geessissu moo hin geessissan isa jedhu akka ta'e waan hubatamu dha. Akkaatama kanaan sab-qunnamtiin dhimma kana wajjiin wal-qabatee hojiin hojjatan abbootii seeraa irratti dhiibbaa fiduu danda'u hubannoo keessa galchuu fi galchuu dhiisuu isaanii ilaalchisee odeeffannoo akka laatan gaafatamaniiru.

Ogeeyyii (gaazexessitoota) gaaffii, *Yakkoota baay'ee suukaneessaa ta'an yeroo gabaastan dhiibbaa manneen murtii keessattuu abbootii seeraa irratti fiduu danda'uu isaa ni xiinxaltuu*? Jedhamanii gaafataman keessaa **% 68 "eeyyee"** jechuun kan deebisan yoo ta'uun. Faallaa kanaatiin immoo **"lakki"** jechuun kan deebisan **%28** kan ta'anii dha.

3.3. Sakatta'a Bu'aa Odeeffannoo Af-Gaaffii Fi Marii Garee

Miidiyaan qaama afraffaa 'fourth estate' (qaama Seera tumu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktutti anee) humna guddaa qabu dha jedhama. Ogeeyyiin tokko tokko Jaarraa 21ffaa keessatti qaamni humna guddaa qabu miidiyaa akka ta'e ni ibsu, 'Media is the most powerful institution of the 21st century'[76] ' jechuun. Ibsi kunis barbaachisummaa fi humna-qabeessa ta'uu dhaabbilee sab-qunnamtii yeroo ammaa jiran ifatti kan agarsiisuu dha.

Dhaabbileen sab-qunnamtii manneen murtii fi akka walii galattii sirna haqaatiif bu'aan buusan hammana kan jedhamuu miti. Inni kunis haala adda addaan kan ibsamu dha. Af gaaffii abbootii seeraa fi ogeeyyii sab-qunnamtii wajjiin gaggeeffameen yaadotni armaan gadii walitti dhufeenyi qaamolee lamaanii barbaachisaa akka ta'e agarsiisan kaa'amaniiru; Sab-qunnamtiin

- Hawaasa akka waliigalaatti waa'ee manneen murtii fi sirna haqaa barsiisuuf
- Riifoormiiwwan manneen murtii gaggeessaa jiran hawaasaaf ibsuu
- Maqaa manneen murtii xuraa'e jijjiiruuf
- Hawaasni hubannoo seeraa, adeemsalee manneen murtii akka cimsatu taasisuuf fi
- Akkasumas hawaasni sadarkaa manneen murtii irratti argaman akka beeku gochuuf kkf akka gargaaran ka'aniiru[77]

Kun akka jirutti ta'ee garuu hojiiwwan yeroo adda addaa sab-qunnamtiin adda addaa sadarkaa biyyaa fi naannoo Oromiyaa keessatti argamaniin darban kan daangaa kaa'ameef cee'anii fi hojimaata dhaabbilee kanneenii (Imaammata gulaallii isaanii dabalatee) cabsuun kan tamsa'an ta'uun isaanii deebii laattota adda addaa qorannoo kanaaatiin ibsameera.

[76] Abbabaa Taakkalaa, A/S M/M Anaa Ada'aa,29/06/05 Obboo Lammaa Gammadaa Gaazexeessaa F.M Faanaa Jimmaa 25/03/05. akkasumas Obboo Abdurrazaaq Kadiir, ekspertii seeraa Dhaabbatta Abbagaar(ombudsman) wajjiin gaggeeffame irratti ibsa kenname,15/05/05.

[77] Marii Garee hunduma irratti kan ka'aniifi irratti mari'ataman keessaa kan fudhataman

Walitti dhufeenyi manneen murtii akka waliigalaatti gaarii jedhamee haa ibsamuu malee rakkowwaan baay'een kan keessatti hubataman akka ta'e odeeffannoon qaamolee gara garaa irraa funaaname fi sagantaalee dhimma qorannoo kanaaf jedhamanii sab-qunnamtii biyyattii fi naannoo Oromiyaa keessatti argamaniin tamsa'aa turanii fi xiinxalaman irraa ni hubatama.[78] Rakkoowwan kunis walitti dhufeenya manneen murtii fi dhaabbilee sab-qunnamtii giddutti jiraachuu qabu akka miidhuu danda'ani fi hariiroo gaarii qaamolee kanneen lamaan giddutti umamuu qabuuf gufuu akka ta'uu ifa dha. Inni kuni gara biraatiin mirga lammiilees ni tuqa jechuudha.

Sagantaaleeniifi barruuleen adda addaa dhimmoota manneen murtii ga'an fi murtii hin arganne irratti tamsa'an , hojii abbaa seerummaa fi manneen murtii qeequun dhiyaatanii fi dhimmoonni kana fakkaatan miidhaa geessisuu danda'aniifii midhaaleen qabatamaan mul'atan yoo jiraatan jechuun hirmaattota adda addaa qorannoo kanaa ta'an irraa haalli odeeffannoon af-gaaffiidhaanii fi marii gareen itti sassaabame ture.

Deebiwwan laatamaniifi rakkoowwan qabatamaan mul'atan jedhaman ilaaluun milkaa'ina argannoo qorannoo kanaatif bu'uura waan ta'eef akka armaan gaditti dhihaateera.

3.3.1. Amantaa hawaasaa Irratti dhiibbaa fiduu danda'uu Isaanii

Odeeffannoo bargaaffiin funaanameen hirmaattota qorannichaa keessaa abbootiin (dhibbentaan 82) sagantaale manneen murtii fi abbaa seerummaa qeequun darbaniifi madalawaa haala hin taaneen dhihaatan amantaa hawaasni manneen murtii fi akka waliigalatti sirna haqaa irratti qabu akka xinnaatu godha yaada jedhu kaa'u. Odeeffannoon af-gaafiin funaanames yaaduma kana kan cimsu dha. Abbootii seeraa afgaaffiin dhiyaateef 36 keessaa % 96 kan ta'an hojimaata sab-qunnamtii wajjiin wal qabatee amantaan hawaasni manneen murtii irratti qabu akka miidhamuu danda'u akka amanan agarsiisa.

Amantaa hawaasni manneen murtii irratti qabu gama eegsisuutiin gaheen dhaabbileen sab-qunnamtii qaban guddaa dha jedhamee amanama. Isa kana gochuu keessatti immoo sab-

[78] afgaaffii Abbootii seeraa,gazexessitoota poolisii federaalaa fi sab-qunnamtii adda addaa wajjiin gaggeffame irratti kan ka'e yoo ta'u akkaata barbaachisummaa isaatti kutaa qorannoo kanaa keessatti ni ibsama. Dabalataan sagantaan Tv Oromiyaatiin mana murtii Anaa gadab Asaasaa irratti darbaa ture, Akkasumas dookumantariiwwan mata duree "Akeeldaamaa ", "iyaangu'alele" fi " Jihaadaawii Harakaat" jedhuun Tv Itoophiyaa irratti hojjatamaa fi tamsa'aa turan akka fakkenyaatti fudhachuun ni danda'ama.

qunnamtiin dhugaa jiru qofa irratti hundaa'uun haala hojimaanni isaanii fi seerri eeyyamuun (fkn bilisummaa abbaa seerummaa fi mirga nammoota himatamanii haala hin tuqneen) dabarsuu qabu.

Haata'uu malee haalli qabatamaan mul'atu dubbiiwwan ijoo armaan olitti kaa'aman kan faalleessuu akka ta'e fakkeenya caqasuudhaan haalli itti ibsame ni jira.

Fakkenyaaf dhimma mana murtii Aanaa Jimmaatti ilaalamaa turee fi beellamma irra jiru ilaalchisee Raadiyoo Faanaa FM Jimmaatiin abbaa dhimmaa ykn nama miidhame jedhu qofa irraa odeeffannoo fudhatanii isas bifa gaaffii fi deebiin gurra ummataatiin gahaniiru. Dhimmi kun tokkoffaa kan murtii hin arganne lammaffaa, qaama miidhame jedhu qofa irraa odeeffannoo fudhachuun darbuun isaa hawaasni odeeffannoo madaalawaa akka hin argannee taasisa. Dhimma kana irrattis ummanni dursee ejjannoo waan qabatuuf abbaan seeraa murtee laatu irratti rakkoo (hawwaasni murticha akka hin fudhanne) uumuu ni danda'a jechuun yaada isaan namoonni ibsan jiru.[79]

Dhimma mana murtii aanaa Gadab Asaasaa wajjiin walqabatee dhimmi tures akka fakkeenyatti kan ka'uu danda'uu dha. Saganticha irratti maqaa abbaa seeraa abalu jechuun (maqaa dhahuun) akka matta'aan hojjatuufi namoota irratti murtee hin taane akka dabarsaa jiru TV Oromiyaa irratti kan dhiyaacha ture yoo ta'u[80] Inni kunis hawaasni abbootii seeraa akka ija shakkiin ilaalu kan taasisuu fi amantaa hawaasni manneen murtii irratti qabu akka miidhuu danda'u dhimma kana ilaalchise namoonni yaada laatan ibsanii jiru.[81]

Dhimma mana murtii Aana Gadab Asaasatti dhiyaate kana irratti qaamoleen miidiyaa dhimmicha kan dhiyeessan namoota irratti murtaa'e qofa gaafachuun ture. Fedhii qaama alaa keessaa jira jedhanii akka yaadan deebii laattonni ibsaniiru.[82] Maqaan mana murtii fi abbaa seeraa xuraahu akka hin qabnee fi bilisummaa abbaa seerummaa irraa fayyadamaan hawaasa

[79] Obboo Gammachuu Baqqalaa Pirezidaantii M/M/G/Jimmaa 26/03/05
[80] Viidiyoo sagantichaa Warraabbame,
[81] Abdulqaadir Amaan, A/S M/M aanaa Gadab Asaasaa 30/04/05
[82] Yaasin Ibraahim Pirezidaantii M/M Aanaa Gadab Asaasaa, 30/04/05. Yaada isaanii cimsuuf akka fakkeenyaatti kan kaa'an gaazexeessaan saganticha dhiheesse dhalataa naannoo sanaa ta'uu isaatiifi qaama raawwachiiftuu irraa namoota dhufaniin durgoon akka kafalamaafi ture kaa'aniiru.

waan ta'eef dhimmoonnii akkanaa xiyyeeffannaa guddaan akka ilaalamu qaban abbootiin seeraa gaaffiin dhiyaateef deebii kennaniiru.[83]

Mana murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaatti dhimma lakk. galmee 16513 ilaalamaa ture xiyyeeffannaa hawaasa bal'aa kan argate ture.[84] Yakki rawwatames baay'ee suukaneessa kan ture dha. Hojjatuun manaa hojjachiiftuu ishee ulfa turtee fi ijoollee ishee lama haala baay'ee nama gaddisiisuun haaduudhaan qaltee ajjeeftetti jedhamtee kan himatamte yoo ta'u, yakkicha raawwachuun ishee ragaa abbaa alangaa fi jecha amantaa himatamtuun laatteen mirkanaa'eera. Sab-qunnamtiin adda addaas dhimmichaaf xiyyeeffannaa guddaa laachuun gabaasaa turaniiru.

Murtee laatamu hawaasni hordofaa kan ture yoo ta'u, sab-qunnamtiin adda addaas dhimmichaaf uwwissa laachaa turaniiru. Manni murtees ragaa dhiyaateef madaaluuni fi seera bu'uureeffachuun addabbi umurii guutuu kan irratti murteesse yoo ta'u hawaasni garuu haa ajjeefamtu, seera maaltu jira nama hadhaaf ijoollee ajjeeftee, nama dhaalu dhabsiistee akkamitti mana hidhaa turti jechuun hamma hiriira ba'utti ga'ee ture. [85]

Himatamtuun umuriin ishee waggaa 18 gadi ta'uun isaa kan ragaa mana yaalaatiin mirkanaa'ee ta'uu isaa fi bu'uura Seera Yakkaa biyyattiitii kew. 117(1) namni uumriin isaa waggaa kudha sadeetti gad ta'e kan du'aan hin adabamne ta'uu isaa akkasumas himatamtuun yakka raawwachuu ishee amanuun ishee bu'uura seera yakkaa kew.83 (1) (e) addabbiin akka hirratuuf kan taasisu ta'uu isaa hubannoo keessa halee akka laatame abbootiin seeraa ni ibsu.[86]

Haata'uu malee hawaasni dhimmoota seeraa kanneen irratti hubannoon qabu gahaa waan hin turreef murtee fudhachuu hin dandeenye "nuuf kennaa nutuu hin ajjeefna", " mirga maalii qabdi" jechuun hawaasni akka murtiin gahaa hin taanetti kan ibsaa fi gaddaa ture yoo ta'u , himatamtuu gara mana amala sirreessaatti geessuun iyyuu rakkoo guddaa ture.[87]

Nammoonni baay'eenis abbootiin seeraa ijoollee qabuuyi? jedhanii gaafachaa turan. Haalli akkanaa qabatamaan amantaa hawaasni manneen murtii irratti qabu ni hirrisa.[88]

[83] Miiljalee lakk.79
[84] (*PP v Tigist Laaphisoo 2005)* lakk. Galmee 16513
[85] Taajuu Abdullaahii Pirezidaantii M/M Ol'aanaa Godina Arsii Lixaa 26/04/05
[86] Gazaahenyi Tarraffaa, A/Seeraa M/M Ol'aanaa Godina Arsii Lixaa 26/04/05
[87] Akkuma olii
[88] Miiljalee Lakk. 85

Gama kanaan sab-qunnamtiin hawaasni murtee cimaa qofa eeguu osoo hin taanee adeemsi seeraa maal akka fakkaatuufi fakkeenyaaf wantootni adabbii cimsan ykn salphisan maal faa akka ta'an, akkasumas namoota umurii gaa'eela hin geenye irratti adabbbiin du'aa akka itti darbuu hin dandeenyee fi wantoota kana fakkaatan irratti hawaasaaf hubannoo gahaa osoo laataniiran ta'ee wanti hawaasni eegu (expectation) madaalawaa ta'a ture.[89]

Gama biraatiin haalli odeeffannoon tokko miidiyaadhaan hawaasa bira itti gahee fi odeeffannoon jedhame kun murtee manni murtii dabarsuuf roogummaa kan hin qabane yoo ta'e, inni kunis ilaalcha hawaasaa booressuu danda'a.[90]

Dhimmoota beekamoo ta'an keessaa dhimma Televizyiinii Itoophiyaa irratti mata duree 'iyaangaalele' jedhuun darbaa ture kan kaasan jiru.[91] Sagantichi namni himatame sun nama akka ajjeese, qabeenya akka saamee, gaa'ela namoota baay'ee akka diige,fi yakkoota adda addaa akka raawwate, namoota midhaman jedhamanii fi wantoota akka ciraatti qabaman agarsiisuu dhiyyeessaniiru.

Gochi kunis himatamaan mana murtii osoo hin ga'in hawaasni akka yakkamaatti akka ilaaluufi adabbii cimaa akka eegu kan taasise ta'u isaatiin sadarkaa 'Media Trial' jedhamu irra kan ga'e akka ta'ee marii garee fi af- gaaffii abbootii seeraa fi gaazexessitoota poolisii wajjiin taasifame irratti ka'ee jira.[92]

Dhimma kana wajjiin walqabatee sagantichi yeroo tamsa'e sanatti poolisiin namichi jedhame nama ajjeesuu isa hin mirkaneessine. Dhuma irrattis wanti hawaasni eegee fi manni murtee laate garagara ta'uun isaa manneen murtii irratti amantaa ummanni qabu miidhee jira. [93]

Rakkoon inni biraa ka'e immoo manneen murtii ija hawaasaatiin qaamolee adaban malee akka nama himatame bilisa baasanitti hin ilaalaman. Inni kunis kallattinis ta'ee al-kallattiin hojii sab-

[89] Miiljalee lakk. 86, Akkuma olii
[90] Marii garee abbootii seeraa M/M Godina Jimmaa wajjiin gaggeeffame, 26/03/05
[91] Miljalee Lakk. 75
[92] Miiljalee lakk. 75, Abbabaa Tolaa (maqaan isaa sababa qorannoo kanaaf kan jijjiirame) Gaazexessaa poolisii komishiinii poolisii Federaalaa, Obboo Jamaal Abbaaboor MMA Jimmaa, 'sab-qunnamtiin ofii isaaniitii murtee laatan jechuu dha." 27/05/05
[93] Abbabaa Tolaa(akkuma olii), Komishiinii poolisii Federaalaa,

qunnamtii wajjiin kan deemuu dha. Sab-qumnnamtiinis manni murtii nama yakka akkanaa raawwate adabe malee bilisaan gad lakkise oduun jedhu uwwisa hin argatu.[94]

3.3.2. Mirga Namoota Himatamanii Akka Bilisatti Tilmaamamuu

Raawwii yakkootaa fi gabaasaalee dhimmoota yakkaan walqabatee mirgi namoota himatamanii akka miidhamu danda'u muuxannoon biyyoota biroo ni agarsiisa. Inni kunis mirga namoota himatamanii heeraan beekamtii argatee fi namni kamiyyuu mana murteetti dhiyaatee balleessaa dha hamma hin jedhamnetti akka nama bilisaatti kan ilaalamu ta'uu isaa kan agarsiisuu dha.

Af-gaaffii fi marii garee abbootii seeraa (pirezidaantota manneen murtii dabalatee) wajjiin gaggeefame irratti, abbootiin seeraa dhimma kana irratti gaafataman hundumtuu haala wal fakkaatuun sagantaaleen yookaan gabaasaaleen sab qunnamtiin darban mirga namoota himatamanii akka bilisatti tilmaamamuu kan xuqan ta'uu isaa irratti waliigalu.

Hawaasni namni tokko yakka raawwateera jedhamee yoo himatamee fi sab-qunnamtiin keessattu televizyiinii fi gaazexaa irratti yoo mul'ate manni murtii bilisa isa baasus wanti sammuu hawaasaa keessatti hafuu kan dhimmicha irratti dhiibbaa fidu qofa osoo hin taane jireenya isa boodeetifis rakkiina guddaa itti uuma. [95]

Kanaan dura raawwii yakka tokkoo ilaalchisee Televizyiinii irratti maqaa wamuuniifi haala yakkicha itti raawwatte agarsiisii jedhamaa tureera. [96]

Yeroo ammaa garuu dhimmii akkanaa hafaa kan dhufe ta'us mirga shakkamaa haalli itti tuqamu ni jira fakkeenya gaarii kan ta'u dhimma Taamirat Galataa ykn 'iyaangaalelee' dha. Namni kun osoo mana murtii hin dhiyaatin kan yakkamaa ta'ee lakkaa'amee dha.[97]

Kana malees dhimmi yeroo dhiyoo (gurraandhala, 2013) Televizyiinii biyyoolessaa mata duree 'Jihaadaawii Harakaat' jedhuun darbaa ture, mirga namoota himatamanii ni miidha waan ta'eef

[94] Mahaammad Jimaa Pirezidaantii. M/M Godina Shawaa Bahaa, Adaamaa.27/07/05
[95] Marii garee hunduma irratti kan ka'e, miiljalee lakk.75, Miiljalee lakk. 93
[96] Miiljalee lakk. 93
[97] Marii garee M/M/Godina Addaa Naannawaa Finfinnee Irratti kan ka'e, 18/05/05, Miiljalee lakk.75, Miiljalee lakk.93

akka hin dabarre jedhee manni murtii ol'aanaa Federaalaa ajajus sagantichi qilleensa irra oolee jira. [98]

Dookumantarii kana irratti namoonni dhiyaatan yakka shororkeessummaa raawwachuuf akka karoorfachaa turan kan ibsan yoo ta'u (self - incrimination) mirgi akka bilisatti tilmaamamuu isaanii ifatti tuqameera. Namoonni kun booddee mana murtiitti dhiyaatanii jecha isaani kana waakkataniiru.[99] Dhimmi sagantaa dookumantarii 'Akeeldaamaa' jedhus bifuma wal fakkaatuun Sadaasaa 16, 2004, A.L.I. irraa jalqabee guyyoota sadiif Televizyiinii Itoophiyaa irratti kan darbe yoo ta'u inni kunis namoonni yakka raawwachuuf gurmaa'aa fi karoorfachaa akka turan halli itti ibsan ni jira.[100]

3.3.3. Dhiibbaa Abbootii Seeraa Irratti Fidu Ilaalchise

Abbootiin seeraa deebii gaaffii kana irratti laatan dhimmoonni yakkaa sab-qunnamtiidhaan xiyyeeffannaan laatameefi uwwisa bala'aa argatanii tamsa'an abbootii seeraa irratti dhiibbaa akka fiduu danda'an ni ibsu.

Sab-qunnamtiin raawwii yakka tokkoo ilaalchisee haala itti raawwatamee fi namoota yakka raawwataniiru jedhamanii shakkaman, miidhaa qaqqabe ilaalchise (keessattuu dhimmoonni kun qalbii hawaasaa kan qabatan yoo ta'an) gabaasuun isaan waan baratame dha.

Dhimmoota kanneen ibsuu irratti akka ragaan gahaan argame, himatamaan akka amane fi kkf dhiyeessuun hawaasni dursee yaada ofii isaa akka qabatuu fi abbootiin seeraas hawaasni maal akka eegu baruun isaanii dhiibbaa jala isaan galchuu danda'a. [101]

Oduuwwan ykn sagantaaleen televizyiiniin, raadiyoon , maxxansaan darban 'yakkamaan' qabameera ykn 'amaneera' jedhanii haalli itti ibsan gama tokkoon abbaan seeraa akka bilisa ta'ee hin murteessineef kan dhiibbaa itti fidu yoo ta'u, nama hawaasni akka yakkamaatti beeku akkamitti bilisa baasa jedhee murtee sirrii hin taane dabarsuu ni danda'a. [102]

---

[98] Wubisheet Shifarraaw, Pirezidaantii M/M Ol'aanaa Federaalaa, 20/06/05

[99] Akkuma olii

[100] Viidiyoo Dookumantarichaa waraabbamee jiru, http://www.ertagov.com/amerta/2013-02-06-05-46-27/2853-2013-02-06-06-38-45.html (Ebla,25,2005 kan ilaalame)

[101] Miiljalee Lakk. 94, Miiljalee lakk. 85

[102] Shifarraaw Baqqalaa A/S M/M Aanaa Ada'aa , 29/06/05

Dhimmi kallatiin isaan muudate akka ture caqasuun, akka isaan baay'ee dhippisee ture fi dhimmoonni sab-qunnamtiin darban dhiibbaa hin malle akka fiduu danda'an ibsuun kan kaa'anis jiru.[103]

Gama biraatiin dhiibbaan gama qaamolee alaa jirus kan akka salphaatti hin ilaalamne ta'uu isaa abbootiin seeraa tokko tokko ni ibsu.[104]

Dhimmoota yakkaa tokko tokko irratti yeroo gabaasni hojatamu maatiin, haadholiin ykn ijooleen nama midhamee akka boo'aa dubbatan ni taasifama. Namni kamiyyuu akka namaatti wanta keessa isaa xuqu (emotion) ni qabaata; abbaan seeraas isa kana irraa bilisa ta'uu hin danda'u. Akkasumas jechoonni raawwii yakka sanaa ibsuuf itti fayyadamanis dhiibbaa ofii isaanii qabu. 'Haala sukanneessaa ta'een', 'garaa jabeenyaan', 'barattoonni du'an', 'daa'imman ajjeefaman' fi kkf abbootii seera irratti dhiibbaa ni fidu.[105]

Akkasumas jechi tokko qofaa isaatti dhiibbaa qabaachuu danda'a. Fafummaa yookaan gaarummaa nama tokkoo dursee beekuun abbaa seeraa ilaalcha gara tokkotti aanuu 'biased' ta'uu danda'u. Namni tokko yakka deddeebi'ee kan raawwate ta'uun isaa dursee abbaa seeraatti himamuu hin qabu.[106]

Deebii laattonni dhimma beekamaa 'Kaamilaat Mehdi' (dubartii asiidiin miidhaan qaamaa cimaan irra gahe) akka fakkeenya gudaatti kan kaasan yoo ta'u, akka namoota deebii laatan kanneenitti abbootiin seeraa dhimma kana irratti murtee laatan dhiibbaa guddaa keessa turaniiru jedhu. Dhiibbaa Isa kanaaf immoo sab-qunnamtiin madda dha.[107]

Dhimma kaamilaat wajjiin wal qabatee uwwisa bal'aa argachuun isaafi hawaasni dhimmicha akka malee balaaleffachuun hanga hiriiira ba'utti kan ga'ame, akkasumas qaamolee adda addaan (fkn waajjiraalee dhimma dubartootaatin) sochiin gara garaa kan taasifamaa ture akka ta'e ifa dha. Adabbiin nama yakka kana raawwateera jedhame irratti manni murtii ol'aanaan dabarse

[103] Dhugumaa Nadhaa Pirezidaantii M/M Godina Addaa Naannawa Finfinnee, 18/05/05

[104] Miiljalee lakk. 82, Miiljalee lakk 86 .... Fakkeenyaaf Televizyiini Itoophiyaa irratti sagantaa darbe tokko irratti muummichi ministeeraa gaaffii 'hidhamstoota siyaasaa qabdu' jedhamee gaafatameef, nuti 'yakkamtoota' malee hidhamtoota siyaasaa hin qabnu, ragaa %100 dhiyeessinee ni adabamu jennee eegaa jirra'. jechuun dubbataniiru. kuni ifatti hojii abbaaseerummaatti seenuu fi abbootii seera dhimma kana ilaalan dhiibbaa hin malle geessisuu dha.

[105] Miiljalee Lakk. 93, jechoota Amaarriffaan ዘግናኝ፤ ሰቅጣጭ ፡ አሰቃቂ jedhan, Mohaammad jimaa pp

[106] Miiljalee lakk. 102, Marii Garee MM Aanaa Ada'aatti Gaggeeffame irratti kan ka'e., 26/06/05

[107] Marii garee abbootii seera irratti deddeebi'ee kan ka'e., Baahir Abbaa Biyyaa B/B/P/ M/M Aanaa Adaamaa, 29/08/05, Daani'eel Beellamaa, A/S /M/M aanaa Aggaaroo, 27/03/05

dhiibbaa hawaasaa irraa kan madde akka ta'ee (maddi isaa immoo xiyyeeffannaa fi uwwissa bala'aa dhimmichi argate akka ta'e) yaada laattonni seera yakkaa biyyattii bu'uureeffachuudhaan ni ibsu.[108]

Seera yakkaa biyyattiitiin yaaliin ajjeechaa kan du'aan nama adabsiisuu miti. (seera yakkaa kew. 117(1) jalatti adabbiin du'aa kan murtaa'u dhimma raawwii argateef qofa dha). Haata'uu malee nama miidhaa qaamaa cimaa geesse kana (kaamilaat irratti) manni murtii adabbii du'aa irratti dabarsuun isaa dhiibbaa abbootii seera irra ture irraa kan maddee dha jechuun ibsu.[109]

Yaada sab-qunnamtiin abbootii seeraa irratti dhiibbaa ni geessissu isa jedhu namoonni geessisuus geessisuu dhiisuus ni danda'a jechuun kan morman jiru.[110] Akka yaada laattota kanneenitti abbaan seeraa bu'uura seeraa fi adeemsa jiru irratti hundaa'uudhaan murtii laata waan ta'eef dhiibbaa jala isa galcha ilaalcha jedhu hin fudhatan. Adabbiin bu'ura seeraa, maanuwaalii adabbii hordofuun, ragaa dhiyaate wajjiin madaalchisuun kan gaggeeffamu waan ta'eef, dhiibbaa ni fida jedhanii akka hin amanne ibsaniiru.[111] Yaada kennitootni dabalataan dhimmoota akkanaa keessummeessuu irraatti ciminni abbaa seeraa murteessaa akka ta'e ni kaa'u.

3.3.4. Dhimmoota Akka Madda Waldiddaa Sab-qunnamtii ka'an

Madda waldhabbii sab-qunnamtii fi manneen murtii giddutti uumamuf akka sababaatti wantootni kaa'aman heedduu dha. Isaan keessaas muraasni armaan gaditti caqasamaniiru.

3.3.4.1.Rakkoo Hubannoo fi Ga'uumsaa

Rakkoowwan hubannoo wajjiin wal qabatan gama lamaaniinu kan jiran ta'uun isaanii bu'aa daataa argame irraa ni mul'ata. Rakkoowwan gama sab-qunnamtiitiin jira baay'inaan kan ka'an yoo ta'u gama manneen mutriitiinis hanqini akka jiru odeeffannoon deebii laattota irraa argame ni agarsiisa.

---

[108] Ahimad Huseen, Komishiina Mirga Namoomaa Itoophiyaa, Daayirooktoreeti Qorannoo , 08/04/05

[109] Dhimma kana ilaalchisse abbootiin seeraa murticha laatan, murtii kana akkamitti akka dabarsuu danda'an koree mana murtiitiin gaafatamanii seera yakkaa durii bu'uureeffachuun akka ta'e ibsaniiru. Inni kun hammam amansiisaa dha inni jedhu kan gaaffii guddaa kan kaasisuu akka ta'e ni ibsu. (Wubisheet Shiferaw, pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa)

[110] Miiljalee lakk.98, fkn. Dhimma weellissaa beekamaa Teewodros Kaasaahun (Teedii Afroo) irratti dhiibbaan gama sab-qunnamtii akkasumas hawaasaa(haa hiikamu jedhu) guddaa kan ture yoo ta'u, abbaan seeraa dhimmicha qabate garuu weellissaan balleessaa akka ta'e ibsuun adabbii itti murteessee jira.

[111] Faantaayee Rattaa, A/S M/M Aanaa Jimmaa,25/03/05 Naziif She Tamaam A/S M/M Ol'aanaa Godina Jimmaa, 26/03/05 Miiljalee lakk. 98

Rakkoon hubannoo gama sab-qunnamtii fayyadama jechootaa irraa akka jalqabu deebii laattonni tokko tokko ni ibsu. Haalli oduuwwan itti gabaasaman ykn sagantaaleen itti dhiyaatan odeeffannoo barbaadame dabarsuu irra ergaa biraa kan qabatanii dha. Fakkeenyaa 'Yakkamaan shakkame to'annaa jala oole jedhu', akkasumas shakkamtoonni keebilii saamaa turan qabamani jechuun dhiyeessu.[112]

Akkasumas hubannoon waliigalaa qaban gahaa akka hin taane gaazexessitoonni afgaaffiin wajjiin gaggeefame ni ibsu. Akka ibsa isaanitti gahuumsi gama ogummaatiinis jiru gahaa akka hin taane caqasu.[113] Gaazexessitoonni heddu kallatiidhaan baruumsa gaazexessummaa (Journalism) kan baratan miti. Inni kunis gahuumsa sadarkaa gudaatti isaan irraa eegamu akka hin qabaanne taasiseera. Akka biyyoota birootti yaadrimeen hojii gaazexessumma seeraa (legal journalism fi crime reporting) biyya keenyatti hin baratamnes itti hin hojjatamnes.[114]

Gama biraatiin qajeelfamni walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii gidduu jiraachu qabu agarsiisu dhabamuun isaa hubannoon waliigalaa akka hin jiraanne taasisee jira. Manneen murtiis mala (system) sab-qunnamtii itti keessumeessan hin qaban.[115]

Gama abbootii seeratinis rakkoon hubannoo (muraasa ta'us) kan jiru ta'uun isaa ibsameera. Manneen murtii tokko tokko odeeffannoo sab-qunnamtiif laachuu akka dirqama isaanitti ykn akka mirga sab-qunnamtitti hin ilaalan.[116] Haala rakkoo kana furuu danda'uun odeeffannoo sab-qunnamtiif laachuu qaama danda'u osoo hundeessanii gaarii ta'a. [117]

3.3.4.2. Bilisummaa Ogummaa

Sagantaalee Sab-qunnamtiin darban tokko tokko wajjiin walqabatee, namoonni bilisummaa ogummaa gaazexessitootaa (professional indipendence) qabachuu isaanii mamsiisaa dha

[112] Miiljalee lakk.93, 'ተጠርጣሪ ወንጀለኞች', Idriis Guddatoo. Qopheessaa muummee Raadiyoo Faanaa,
[113] Eeliyaas Gabra Sillaasee, Qopheessaa dhimmoota Seeraa Gaazexaa Kaappitaal, 08/05/05, Idriis Guddatoo, 09/05/05, Taammiruu Tsiggee, Qopheessaa gargaaraa gaazexaa Rippoortar, 15/05/05
[114] Akkuma olii
[115] Akkuma olii
[116] Eeliyaas Gabra sillaasee(Akkuma olii), Marii garee M/M/G/Addaa Naannawaa Finfinnee
[117] GirmaaAbbabaa, Pirezidaantii MM Aanaa Aqaaqii, 25/06/05

jechuun ibsu. Madaalawaa haala ta'een dhiyeessuu irratti rakkina ykn hirrina qaban akka fakkeenyatti kaasu.[118]

Yaada isaani deeggaruufis sagantaaleen, maxxansaaleen tokko tokko daangaa seeraa kan cehan ta'uun isaani osoo beekamuu kan tamsa'an yoo ta'u, giddu lixummaan ykn dhiibbaan qaama biraa akka jiruufi gaazexeessaan bilisa ta'ee sagantaa ykn barreeffama sana dhiyeessuu isaa akka shakkan ni kaa'u.[119] Gama tokkoon odeeffannoo hawaasa biraan gahuuf kan yaalan fakkaatus yeroo biraa immoo gama tokko qabachuun (qaama tokko deeggaruun) fi qaama isa kaan qeequun haalli itti dhiyeessan jira. Inni kuni odeeffannoo haala madaalawaa ta'een hawaasa biraan gahuu akka hin dandeenye isaan taasisa.

Qeeqa hin mallee manneen murtii fi abbaa seerummaa irratti laachuudhaan haalli isaan walddiddaa sab-qunnamtii fi manneen murteetiif sababa itti ta'antu jira.

Dhiibba qaama raawwachiiftuu irraa gara manneen murtii (abbootii seeraatti) gara sab-qunnamtiitiin dhufu haala wal fakkaatuun bilisummaa ogummaa abbootii seeraa irratti rakkoo ofii isaa ni qabataa.

3.3.4.3. Wal-amanuu Dhabuu

Manneen murtii fi Sab-qunnamtii gidduu wal-hubatanii hojjachuu irra rakkoon wal amanuu akka mull'atu deebii laattonni tokko tokko ni kaa'u.

Manneen murtii tokko tokk gaazexessitoonni tokko tokko waa'e manneen murtii wantoota barsiisoo fi fooyya'iinsa ykn jijjiirama gaarii jiru agarsiisu ni dabarsu jedhanii hin yaadan. Sab-qunnamtiin adda addaas manneen murtiitti yookaan abbootii seeratti dhiyaatanii odeeffannoo argachuuf ykn gaafachuuf haalli itti rakkatan akka jiru ni ibsu. Deebii laachuu fi gaazexessitoota keessummeessuu wajjiin haalli jiru ofitti amanamummaa (self confidence) abbootiin seeraa qaban wajjiinis kan wal qabate ta'uu ni danda'a.[120]

[118] Abbabaa Takkalaa A/Seeraa MM Aanaa Ada'aa, 29/06/05 ,Taammiruu Tsiggee(miiljalee lakk. 113)
[119] Taammiruu Tsiggee (miiljalee lakk.113), akkuma olii
[120] Akkuma olii, Miiljalee lakk. 98, Miiljalee lakk. 108

KUTAA LAMMAFFAA

3.2.1. Xiinxala Argannoowwan Qorannoo

Haala qabatamaa manneen murtii fi dhaabbilee sab-qunnamtii biyya keenyaa baruun, waldhabbii ykn rakkoowwan mul'atan maal fa'a akka ta'an adda baasuun yaada furmaataa hojii irra oolu danda'u akeekuuf nu gargaara. Dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen mutrii waldiddaa jiru guutumaan guututti hanbisuun waan danda'amuu miti. Haata'uu malee jijjiirama yeroo yeroon dhufu (guddina teeknolojii, jijjiirama ilaalacha hawaasaa fi haala jireenya) hubannoo keessa galchuudhaan walitti dhufeenya gaarii akka qabaatan gochuun barbaachisaa ta'a.

Seenaan walitti dhufeenya dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii akka naannottis ta'ee akka biyyaatti kan yeroo dheeraa lakkoofsise dha jechuun hin danda'amu. kabajamuun mirga yaada bilisaan ibsachuu fi mirgi odeeffannoo argachuu hawaasaa heerota fi seerota addaa addaa biyyatti keessatti erga beekamtii argatee yeroo dhiyoo asi ta'uun isaa fi manneen murtii haala ammayyaattiin yeroo itti gurmaa'an akka agarsiistuu gaarii nu fayyaduu danda'a.

Haata'uu malee guddina teeknolojii, baballina -dhaabbilee sab-qunnamtii akaakuu garagaraa fi dabalaa dhufuu fedhii odeeffannoo argachuu hawaasaa wajjiin wal qabatee, walitti dhufeenya manneen murtii naannoo fi Federaalaa fi sab-qunnamtii gidduu rakkoowwan tokko tokko muudachuun isaanii hin oolle.

Sagantaaleen fi barreeffamoonni yeroo gara garaa dhaabbiilee sab-qunnamtii adda addaatiin hawaasa bira ga'aa turaniifi ammas darbaa jiran, dhimmoota xiyyeeffannaa barbaadaniifi, akka wanta baratametti ilaalamaa kan itti fufuu hin qabnee dha. Rakkoowwan kunniin qabatamaan maal fakkatu isa jedhu immoo odeeffannoowwan maddoota qorannoo kana irraa argaman bu'uureeffachuun haa ilaallu.

3.2.1.1. Seerota Walitti Dhufeenyi Sab-qunnamtii fi Manneen murtii itti Hoogganaman

Seerri ykn qajeelfamni hariiroo manneen murtii fi midiyaan biyya keenyaa ittiin hoogganaman ilaaluuf yaaliin taasifameera. Bu'uura argannoo odeeffannoo namoota gaaffiin dhiyaateef irraa fi sakatta'a seerota biyyattii irraa akka hubatamutti, Seerris ta'e qajeelfamni walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii kallattiin itti hoogganamu hin jiru.

Haata'uu malee dhimma kana wajjiin wal-qabatee seeronni, qajeelfamoonnii fi hojimaataaleen barataman seerota adda addaa keessatti fi imaammanni gulaallii dhaabbilee sab-qunnamtii keessatti faffaca'anii kan argaman akka ta'e ni hubatameera. Kutaaleen Heera Mootummaa Rippabliika Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyyaa dhimmoota bilisummaa abbaa seerummaa,kewt 79, Mirga odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu, kewt. 29, akkasumas mirga namoota himatamanii dhaddacha bilisaa fi alloogessatti keessummaa'uu kew. 20 wajjiin wal-qabatee kaa'aman seerota bu'uuraa walitti dhufeenya qaamolee lamaan kanneenii hoogganani dha.

Dabalataanis Labsiin Mirga Bilisummaa Odeeffannoo Argachuu fi Tamsaasuu lakk. 590/2000 keewwattootni 21 fi 22 jalatti argaman dhimmoota dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii giddutti jiran irratti hojii irra kan oolanii dha. Imaammanni gulaalli(editorial policy) dhaabbata Raadiyoo fi Televizyiinii Itoophiyaa bara 1997 ba'e gabaasa dhimmooota manni murtii ilaalaa jiru ilaalchisee kan uwwissa argachuu qabanii fi hin qabaanne irrattis kaa'aman akka bu'uura tokkotti kan fudhatamanii dha.

Seerri kallattiin dhimma sab-qunnamtii fi manneen murtii hoogganu akka hin jirree fi seerota adda ddaa keessaatii faffaca'ee akka argamu ta'uu isaa ilaallee jirra. Kanatti ansuun dhimmi gaaffii ta'u seeronni isaan kunneen hammam hojii irra olanii jiru ykn oolaa jiru isa jedhu dha. Hojii irra oolmaa seerota kanneenii ilaaluuf sagantaawwan (keessattuu dookumantariiwwan) armaan dura qorannoo kana keessatti caqasaman haala itti dhiyaatan ilaaluun gaarii ta'a.

Bu'uura Heera Mootummaa Rippabliika Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa namoonni himataman hundumtu mirga akka bilisatti tilmaamamuu akka qaban ni teechisa.Sagantaaleen tokko tokko fakkenyaaf Tv itoophiyaa irratti darbaa turan yoo ilaalle faallaa heera motummaatiin kan tamsa'an ta'uu isaani ni hubatama.

Dhimma beekamaan Taammiraat Galataa, Iyaangualelle, fakkeenya gaarii ta'ee caqasamuu ni danda'a. sagantaan walduraa duubaan Televizyiinii biyyoolessaa irratti darbaa ture kun rakkoon qaqqabsiise kan haala adda addaan ibsamuu dha. Inni jalqabaa haallii fi akkaataan sagantichi itti dhiyaate kallattidhaan mirga nama himatame sanaa akka bilisatti tilmaamamuu kan miidhe dha. Haata'uu malee dhimmichi mana murtiitiin osoo hin ilaalamin, nammoonni ragaa ta'anii dhiyaatan, himatamaan wantoota adda addaa walitti makuudhaan namootaaf kennee kan ajjeese,

qabeenya kan saame, hadha manaa isaanii akka jalaa fudhate kan ibsan yoo ta'u, dabalataan warqee fi faaya adda addaa namoota gowwoomsuun akka saamee, manneen himatamaan iddoo adda addaatti qabu agarsiisuudhaan akka qabeenya hannaan horatametti dhiyeessuun himatamaa yakkamaa taasisaniiru.

Rakkoon gara biraa dhimma kana wajjiin wal-qabatee ka'u dhimma ilaalcha hawaasaati. Uwwisni bal'aan dhimmichaaf laatamen hawaasni himatamaan yakkamaa dha jedhee kan amane yoo ta'u addabbii cimaaf of qopheessaa ture.

Erga murtiin laatameen booddee garuu hawaasni 'sodaan murteessan' wantoonni jedhan ballinaan ka'aa turan. Gara biraatiin immoo mirga himatamaa dhaddacha allogeessaa fi bilisa ta'een keessummaa'uu kan sarbe ta'ee mullata. Murtiin mana murtii duraan dhimmicha ilaaleen laatame ol-iyyannoon kan xinnate ta'uun isaa abbootiin seeraa jalqaba dhimmicha ilaalan dhiibbaa jala turaniiru yaada jedhu ni cimsa.

Hojii irra oolmaa qajeelfamoota ykn seerota roogummaa qabanii ilaalchise dhimma TV Itoophiyaa irratti sangataan mata duree "Jihaadaawii Harakaat' jedhun darbaa ture namoonni (dhimmi isaanii mana murtiin ilaalamaa jiruufii dhiyaachuuf jedhu) yakka shororkeessummaa irratti akka hirmaachaa turaniifi ammas karoorfachaa akka jiran ofii isaaniitii dhihaatanii yoo dubbatan argamaniiru. Inni kunis mirgoota bu'uuraa heera mootummaa irra darbee imaammata gulaallii dhaabbatichaa kan ifatti cabse akka ta'e kan ifatti mul'atuu dha. Haala wal-fakkaatuun dookumantariin mata duree 'Akeeldaamaa' jedhuun darbaa tures rakkoowwan armaan olitti caqasamaa turan kan keessummeesse ture.

Imaammanni gulaallii (editorial policy) Dhaabbata Raadiyoof Televizjiinii Itoophiyaa dhimmoota yakkaa gabaasuu waliin wal qabatee kutaa qajeelfammichaa keww.6 jalatti qajeelfamoota ijoo armaan gadii teechisee jira.

1. …dhaabbileen sabqunnamtii mootummaa kan maxxansaas ta'ee elektrooniksii, gabaasaaleen poolisii fi manneen murtii irratti dhiyeessan ergaan isaanii kallattiindhaanis ta'e al-kallattiin bilisummaa abbaa seerummaa kan tuqanii fi dhiibbaa kan geessisan yoo ta'e itti gaafatamummaa seeraa fi ogummaa ni qabaatu.
2. Gaazexessitoonni oduu hojjatan kamiyyuu keessatti namoota shakkamanii fi yakkaman gidduu garaagarummaan guddaan jiraachuu isaa ifaatti addaan baasuu qabu.

3. Jechi amantaa shakkamtoota to'annaa poolisii yookaan dhaabbata ittisa yakkaa kamiiyyuu jala jiran laatan, ulaagaa kamiinuu akka ragaa balleessummaa sirrii dhiyeessuun fudhatama hin qabu.
4. Namoota yakka raawwachuun shakkaman ykn miidhamtoota yakka maqaa fi suura isaanii kan agarsiifamu danda'u, dhimmicha beekuun hawaasaaf barbaachisaa ta'uun isaa yoo mirkanaa'e qofa dha.

Haala yeroo ammaa hubatamun sagantaalee armaan olitti caqasamanii fi Imaammata gulaallii DHRTI yoo wal bira fidne ilaallu qabatamaan hojii irra akka oolaa hin jirre nutti agarsiisa. Kana jechuun sagantaaleen darban mirgoota shakkamtootaa Heera keessatti hammataman qofa osoo hin taane qajeelfama sab-qunnamtiin ofii isaati baase iyyuu kabajaa akka hin jirre kan agarsiisuudha.

- Gama biraan gaaffii sagantaaleen kunniin (dookumantariiwwan) kunneen akka mirga namoota himatamanii xuqan osoo beekamu maaliif darban jedhuuf laatame dhimma dantaa hawaasaa waan ta'eefi kan jedhu dha.[121]

Dantaa hawaasaa yaadrimee jedhu hima tokkoon ibsuun rakkisaa ta'us akka waliigalatti dhimmoota faayidaa hawaasa bal'aaf yaadamanii raawwataman hunda kan dabalatu dha. Dantaa hawaasaa eegsisuu keessatti mootummaan (qaamni raawwachiiftuu) , akka qaama ummata bakka bu'etti gahee guddaa akka qabu ifa dha. Haata'uu malee raawwii dhimmoota mirgaa wajjiin wal-qabatanii fi bu'uura seeraatiin ilaalaman irratti kan murteessuu qabu mana murtii ta'uu qaba.

Seerrii Calaqqii dantaa hawaasaati. Seerri cabee mirgi namootaa yoo tuqamus kan miidhamus dantaa hawaasuma sanaati. Sagantaaleen darban mirga namoota himatamanii kan tuqanii fi haalli ulaagaan dantaa hawaasaa itti ta'an ifatti hin ibsamneen tamsa'uun isaanii mirgoota namootaa heeraan beekamtii argatan kan cabsu fakkaata.

Gama deebii laattotaan rakkoowwan adda addaa kan mul'atan ta'us walitti dhufeenyi manneen murtii fi dhaabbilee sab-qunnamtii haala gaarii jedhamuun kan teechifame yoo ta'u, deebiin kun kan laatame tokkoffaa manneen murtii qorannoo kanaan uwwifaman akka waliigalatti walitti

[121] Sababa barbaachisummaa dhimmichi hawaasaaf qabu kaa'uudhaan akka ta'e (individual Vs public interest) maddi odeeffanichaa ni agarsiisa. (Ganaanaaw Demissie, DHRTI, itti aanaa gulaalaa, hogganaa kutaa sagantaalee Bulchinsa gaarii fi Dimokraasii)

dhufeenyi sab-qunnamtii wajjiin qaban rakkoowwan tokko tokko kan mul'atan ta'us gaariidha jechuun ibsuu isaanii, lammaffaa waldiddaan qaamolee lamaan gidduu jiru kan bifa waldhabbiin (confrontation) ifatti ba'ee akka hin jirree fi waldiddaan qaamolee lamaanii kan qaceetti hin baane ta'uu isaa agarsiisuuf malee, rakkoon jiraachuu isaa kan dhokse miti. Fakkenyi armaan olitti kaa'ame hamma ta'e bifa rakkoowwan jiranii agarsiisuu danda'a.

Seera Yakkaa Wajjiin wal qabatee akka fakkeenyatti dhimmoonni fudhataman kan jiran yoo ta'u, manneen murtee Federaalaa keessatti haalli itti hojii irra oolan ni mul'ata. Manni Murtii Federaalaa Sadarkaa duraa dhimma *Qinijit V. Mallas* lakk. galmee 54024(1997) irraatti gaazexaan Addis Zeenaa jedhamu Maxxansa Wax.1/97 tiin murteen laatame sirrii akka hin taanee qeequun kan barreesse yoo ta'u mannii murtees gaazexessitoota waamuun bu'uura seera yakkaa jalatti teechifameen adabeera. Akkasumas Manni Murtii ol'aanaa Federaalaa dhimma *Boordii filannoo Itoophiyaa v.Qinijit* Lakk. galmee 20194 irratti murtee laatee gaazexaan Saatanaaw jedhamu murticha qaanessaa 'assaaffaarii' jechuun kan barreesse yoo ta'u gaazexaan Iti'ooph jedhami immoo yerooma sanatti murticha kan ija baase 'faxaaxaa' jechuun kan ibse yoo ta'u, manni murtii Federaalaa ol'aanas gaazexessitoota kana barreessan bu'uura seera yakkaa 449,451,fi 481 addabbii hidhaa fi maallaqaa itti murteessee jira.

Deebiiwwan qorannoo kana bu'a qabeessa taasisuuf laataman haa ilaallu;

- Hubannoo Abbootiin Seeraa Dhimmoota sab-qunnamtiin darbuu qaban irratti qaban maal fakkaata gaafii jedhuuf deebiin laatame abbootii seera biratti hubannoon wal-fakkaatuu akka hin jirre kan mullise dha. Abbootiin seeraa dhiibbeentaa 33 ta'an hubannoo isaan qaban sadarkaa 'quubsaa' jedhuun kan teechisan yoo ta'u, dhibbentaan 30 immoo ol'aanaa jechuun kaa'u.

Hobannoon abbootiin seeraa gara caalaan qabaachuu qaban isa amma jiru irraa kan fooyya'uu qabuu dha. Inni kunis fedhiin odeeffannoo argachuu baay'achaa dhufuu, babal'inna sab-qunnamtii fi jijjjirama teeknolojii, akkasumas fedhii hawaasni waa'ee sirna haqaa keessattu hojii abbaa seerummaa beekuuf qabu, fi jaarraa odeeffannoon humna itti ta'e keessa akka jiraatan hubannoo keessa galchuudhaan abbootiin seeraa gama kanaan hubannoo fi dandeettii qaban jijjiiruu fi cimsuun isaan irraa eegama. Jijjiirama yeroo

yeroon dhufu keessummeessuuf akka isaan dandeessissu hubannoo sadarkaa ol'aanaa qabaachuun isaanii murteessaa dha.

Kuni ta'uun isaa faayidaa guddaa kan qabu yoo ta'u abbootiin seera ofitti amanamummaan gahee isaan irraa eegamu akka bahanii fi sab-qunnamtiinis wanta seera qabeessa ta'e akka argatan isaan gargaara.

- Dhiibbaa abbootii seeraa irratti dhufuu danda'u ilaalchisee, deebiin maddoota odeeffannoo qorannoo kanaa irraa argame, keessattu kan abbootii seeraa , sagantaaleeni fi oduuwwan sab-qunnamtiin darban fi uwwissa bal'aa argatan abbootii seeraa dhimma sana ilaalan irratti dhiibbaa hin malle qaqqabsiisuu irratti waliigalu. Deebii laattonni %65 ta'an yaada kana deeggaranii kan deebisanii fi inni kunis haala qabatamaa biyyoota biroo wajjiinis kan deemu ta'uun isaa hubatamuu qaba.

Abbaan seeraa akkuma miseensa hawaasaa kamiyyuu sab-qunnamtii kan hordofuu fi wantoota namoonni birootti dhagahamu danda'an (emotional) isaanittis kan dhagahaman ta'uun beekamuu qaba. Uwwisni yakkoota suukaneessaa ta'aniif laatamu fi haalli itti dhihaatu, abbootiin seeraa dhimmichi isaan fuldura (mana murtii) osoo hin ga'in dura ejjannoo akka qabatan isaan taasisu danda'a.

- Mirga Odeeffannoo argachuu , mirga himatamtootaa dhaddacha ifaa fi haqa qabeessatti keessummaa'uu fi mirga akka bilisatti tilmaamamuu fi bilisummaa abbaa seerummaa akkamitti wajjiin deemsisuu danda'ama isa jedhuuf deebii laattonni bargaaffii fi afgaaffin dhiyaateef deebii laataniiru. Mirga Odeeffannoo argachuu hawaasaa wajjiin walqabatee, mirgi kun kan daangaa malee raawwatamuu miti. Sab-qunnamtiin odeeffannoo qaamolee adda addaa irraa argachuuf akkasumas hawaasaaf dhiyeessuu mirga qabu. Haata'u malee mirgi kun akkuma mirgoota birootti kan daangeeffammee fi ulaagaa seerri kaa'uun kan hojjatuu dha. Gama kanaan mirga odeeffannoo argachuu hawaasaa fi mirga namoota himatamanii wajjiin deemsisuu irraatti rakkoon kan mul'atu ta'us, bu'uura Heeraa fi seerota biyyattii adda addaa keessatti kaa'ameen walitti-ararsuun ni danda'ama.

Qajeelfama baasuun, yeroo mirgoonni kun wal irra bu'an isa kamtu dursa argachuu qaba isa jedhu adda baasuun, akkasumas ulaagaalee itti murtaa'an maal faa akka ta'an, eenyu akka murteessuu qabu haala ifaa fi qabatamaa ta'een teechisuu.

Dhimmoota mana murteen ilaalamaa jiranii fi murtee hin arganne, mirga himatamaa tuquu danda'an fi manni murtii akka iciititti qabamuu qaban jedhe irratti odeeffannoo dhiyeessuu irraa gama sab-qunnamtiitiin of-eeggannoon taasifamuu qaba.

- Gama dhaabbilee sab-qunnamtiitiin haalota jiran yoo ilaallu, gabaasa yakkoota cicciimmoo fi hojii mana murtii irratti dhiyeessaniin walqabatee, abbootii seeraa irratti dhiibbaan dhufuu danda'u isaatiif xiyyeeffannaa laatanii fi of-eeggannoon taasisan sadarkaawwan ol'aanaa fi daran ol'aanaa jechuun deebisaniiru. Deebiin waliigalatti kaa'ame kana fakkaatus rakkooleen mul'atan tokko tokko garuu haala sadarkaa jedhamuun of-eeggannoon taasifamaa akka hin jirre kan agarsiisanii dha. Gabaasa yakkoota tokko tokkoo yoo ilaallu haalli itti dhiyaataniifi jechoonni itti fayyadaman miira hawaasaa kakaasuuf, yookaan xiyyeeffannaa hordoftootaa (audience) kan giddu gala taasiseefi kan babarrechamee kan dhiyaatu dha. Haalli kun immoo of-eeggannoon taasifamus rakkoowwan akka jiran kan agarsiisuu dha. Gaazexesitoonni %16 ta'an immoo of- eeggannoon taasissan gad-aanaa jechuun kan kaa'anis qaawwi akka jiru kan agarsiisu dha.

- Mirga namoota himatamanii hubannoo keessa galchuun deebiin gaazexessitoota irraa argame dhibbeentaa 88 ol kan ta'u dhimma kana hubannoo keessa galchuun kan gabaasan akka ta'ee fi gama kanaan of-eeggannoon taasisan cimaa akka ta'e ni ibsu. Akkuma armaan olitti kaasuuf yaalletti, dhimmoota qabatamaan lafa irra jiran dhugaa kana wajjiin wal-bira fidnee yoo ilaallu, of eeggannoon gama kanaan taasifamu akka lakkoofsaan kaa'ametti sanatti odeeffannoo af-gaffiin funaanameen deebii argameen kan deeggaramee miti. Sagantaaleen yeroo adda addaatti tamsa'aa turanii fi barreeffamaa turan mirga namoota himatamanii akka bilisatti tilmaamamuuf xiyyeeffannaa kan laatan hin fakkaatu.

- Dhimma hubannoo seeraa wajjiin wal-qabatee, gaazexessittoonni dhibbentaa 96 ta'an hubannoo akka qaban kan ibsan yoo ta'u, isaan keessaa garri caalaan sadarkaa hubannoo isaanii quubsaa jechuun teechisaniiru. Hubannoon sadarkaa barbaadamutti dhabamuun isaa rakkoowwan mul'atan tokko tokkoof ka'uumsa ta'uu ni danda'a. Gara biraatiin qajeelfamni ifatti kaa'ame haala hin jireettii fi seeronni dhimma midiyaaf manneen murtii ilaallatan seerota adda addaa keessatti faffaca'anii argamuun isaanii rakkoo dhabamiinsa hubannootiif gumaacha ofii isaa taasiseera. Hubannoon kun hubannoo akka waliigalatti gaazexessitoonni walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii irratti qaban kan bakka bu'u miti.

- Gama sagantaalee sab-qunnamtiin darban dhiibbaa abbootii seeraa irratti dhufuu danda'u hubachuun, xiinxalli yakkoota suuknessaa ta'e gabaasuu irratti taasisan akka jiru kaa'ameera. Gaazexessitoonni garri caalaan yaada kana deeggaran ta'uu fi namoonni %28 ta'an qofa dhimma kanaaf xiyyeeffannaan addaa laatan kan hin jirre ta'uu isaa kaa'aniru. Hubannoo wal-fakkaatu dhabuun akka waliigalaattii rakkoo cimaa fi qaawwan yeroo adda addaatti mul'ataniif ka'uumsa ta'ee jira. Raawwi yakkoota cicciimoo fi akkasumas namoota beekamoo ta'an wajjiin wal-qabatee yeroo gabaasamu ykn barreeffamu, abbootii seeraa gonkumaa waan yaadatu hin fakkaatu. Sagantaawwan qorannoo kana keessatti akka fakkeenyatti kaasaa turre agarsiistuu gaarii akka ta'an amantaa qaba.

- Yaadni gara biraa xiyyeeffannaa barbaadu immoo rakkoo giddu lixummaa qaama alaa godhamu akka ta'e odeeffannoowwan argaman ni agarsiisu.

Fakkenyaaf dhimma mata duree 'Akeeldaamaa' jedhuun Televizyiinii biyyoolessaa irratti darbaa ture ilaalchise, jalqaba irratti akka hin dhiyaanne komiin jedhu mana hojii keessaa ka'us nammoonni hooggansa irra jiran akka tamsa'u ajajuun isaani ibsameera. Inni kunis dhimma armaan olitti bilisummaa ogummaa gaazexessitootaa wajjiin wal qabatee ka'e kan deeggaruu dha.

> Bifuma wal fakkaatuun Televizyiinii Oromiyaa irratti sagantaan mana murtii Gadab Asaasaa irratti bifa qeeqaan dhiyaatee yoo ilaalle rakkoo armaan olitti caqasameen kan wal-fakkaatuu dha.

BOQONNAA AFUR

YAADA GUDUUNFAA FI FURMAATAA

4.1. Yaada Waliigalaa

Wal hubannoofi wal deeggaranii hojjachuun sab-qunnamtiifi manneen murtii faayidaa guddaa hawaasaa fi, biyyaaf akka buusu illaalle jirra. Sirni dimokraasii akka hidda godhatu, ol'aantummaan seeraa akka jiraatu, hawaasa odeeffannoo gahaa irratti hundaa'uun murtii dabarsu (informed decison) horachuuf , mirga lammiilee gama hundaan akka kabajamu gochuuf , sab-qunnamtiin bilisaa fi itti gaafatamummaan hojjatu akkasumas manneen murtii dhiibbaa qaama kamiin iyyuu ala ta'anii bu'uura seeraatiin hawaasa tajaajilan qabaachuun dirqama dha.

Haala qabatamaa biyya keenyaafi naannoo keenyaatiin, walitti dhufeenyi dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii kan rakkoowwan adda addaa of keessaa qabu dha. Rakkoowwan dhaddacha madaalawaatti keessummaa'uu fi sab-qunnamtii bilisaa sirnoota kamiyyuu keessatti kan jiran ta'us sadarkaan irratti argamnii fi haalli dhimmota kana itti keessummeessan gara gara dha.

Biyya keenya keessatti babal'inna dhaabbilee sab-qunnamtii wajjjin wal-qabatee fedhiin odeeffannoo argachuuf tamsaasuu kan dabalaa dhufe yoo ta'u, kunis manneen murtii akka madda ijoo odeeffannootti ilaalamaa akka dhufan taasiseera. Dhaabbileen sab-qumnnamtii, hundinuu jechuun ni danda'ama, dhimmoota seeraa fi manneen murtii ilaalchisee sagantaa ni qabu. Dhimmoota Yakkaa, heera mootummaa, labsiiwwan adda addaa akkasumas oolmaa dhaddachaa yakkoota ciccimoo ykn namoota beekamoo ta'an irratti ni tamsaasu ykn ni maxxansu.

Haata'uu malee raawwii hojii isaanii keessatti rakkoowwan gara garaa kan mullatan ta'uu isaa qorannoon kun ni agarsiisa. Rakkoowwan ijoon hubataman;

- Rakkoo hubannoo: Hubannoo seerotaa wajjiin wal qabatee sadarkaan hubannoo teechifame ofii isaatti dhugaa jiru kan agarsiisu akka hin taane ilaalle jira. Akka waliigalatti hubannoon gama kanaan jira jedhamee teechifame garuu hubannoon waliigalaa akka jiru kan agarsiisuu miti. Olmaa dhaddachaa, raawwii yakkaa yookaan muteewwan laataman akkasumas manneen murtii fi hojii abbaa seerummaa irratti gabaasaaleen dhiyaatan rakkoo qaqqabsiisuu danda'an gama hubachuutiin hanqinni kan jiru ta'uun isaa hubatameera. Fayyadama jechootaa irraa jalqabee hanga murteewwan laataman doggogoraan gabaasutti, akkasumas dhimmoota sab-qunnmtiin darbuu hin qabne dabarsuun ykn uwwisa laachuun , sirna adeemsa haqaa iraatti dhiibbaa kan geessisaa jiran ta'uun isaa beekamu qaba.

  Daataa funaaname irraa kan hubatamu gaazexessitoonni %96 ta'an hubannoo seeraa gahaa qabna jechuun kan deebisan ta'us dhimmi qabatamaan mul'atu deebii gaazexessitootaa wajjiin kan deemuu miti. Tokkoffaa hubannoo seeraa ga'aa yoo qabaatan wantoota darbuu qabaniifi hin qabne adda baasun hawaasa biraan ga'uu kan qaban yoo ta'u lammaffa haala amma jiruun (sabqunnamtii gara garaa irratti garaagarummaa qabaatus) seera beekanis kabajaa hin jiran gara yaada jedhutti nama geessa.

  Dabalataanis gaazexessitoonni hubannoo gahaa hin qabne kan jiran ta'uu isaa fi, lakkoofsaan muraasa ta’anis hojiin isaanii haawasa bal'aa bira kan ga'u waan ta'eef rakkoon hubannoo akka salphaatti ilaalamuu hin qabu.

- Rakkoon inni bira dangaa sab-qunnamtii fi manneen murtii gidduu jiru hubachuu dhabuu irraa kan maddeedha. Akka biyyattis ta'ee akka naannootti qajeelfamni beekamu yookaan hojimaatni baratame kan hin jirre ta'uun isaa, daangaan ifatti dhimmoota gabasamaniifi gabaasamu hin qabne akka haala hundumtu hubatuun kaa'ame dhabamuun akka madda rakkoo sab-qunnamtii fi manneen murtii tokkotti kan ilaalamu dha.

- Giddu lixummaa qaamolee adda addaa: rakkoowwan sab-qunnamtii fi manneen murtii giddutti mul'ataniin duuba humni gara garaa kan jiru ta'uun isaa , inni kunis qaama alaa keessaa bu'aa siyaasaf ykn bu'aa dhunfaatiif jecha dhimmoota abbootii seeraa fi manneen murtii irratti dhiibbaa qaqqabsiisu danda'an akka tamsa'an kan gochaa jiran ta'uun isaa ifatti kaa'ameera.

- Rakkoo Ogummaa: Biyyoota dhihaa akka waliigalatti biyyoota guddatan keessatti hojii tokko raawwachuun dura dandeetti dalagaan sun barbaadu guutuun dirqama dha. Kanaaf fakkeenya gaarii kan nuuf ta'u ogummaa gaazexessaa seeraa (legal journalism) kan jiru ta'uu isaati. Dhugaa kana haala qabtamaa midiyaalee naannoo Oromiyaa ykn biyyoolessa wajjiin walitti fidnee yoo ilaallee, garaagarummaa guddaatu mul'ata. Dhimma seeraa gabaasuuf miti gaazexessitooni baay'een isaanii barattoota afaanii malee kan hojii gaazexessummaa akka hin taane ni ibsu. Hojii gaazexeessummaa immoo hojii itti gaafatamummaa, gahuumsaa fi ogummaa gahaa gaafatu dha. Yaadrimeen 'legal journalism' ykn 'crime reporting' kan hojii gaazexessummaa biyyaattii keessatti iddoo argatee miti. Akka waliigalatti wantoota dhimma waldiddaa sab-qumnnamtiifi manneen murtii gidduu jiru furuuf, gama kanaanis hojjatamuu qaba.

Yaadolee armaan olitti teechifaman akkasumas argannoowwan qoranichaa bu'uureeffachuun yaaadoleen furmaataa akka armaan gadiitti teechifamaniiru.

1. **Qajeelfama(guidelines) Baasuu**: Biyyoota baay'ee keessatti walitti dhufeenya manneen murtii fi dhaabbilee sab-qunnamtii ilaalchissee qajeelfamoonni kan jiran yoo ta'u , akkuma biyya keenyattis ta'ee akka naannootti qajeelfamni dhimma kanaaf jedhamee qophaa'e hin jiru. Manneen murtii sab-qunnamtii akkamitti keessummeessuu akka qabaniifi sab-qunnamtiin manneen murtii irraa maal argachuu fi hawaasa biraan gahuu akka qaban haala agarsiisuun qajeelfamni bu'uuraa qophaa'uu qaba.

2. Hubannoon Seerota Jiranii akka cimu gochuu: Seeronni yeroo ammaa dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii biyya keenyaa fi naannoo keenyaa hogannan kan baay'ee faffaca'anii argaman ta'uun isaa ni beekama. Dhugaa kan bu'uureeffachuun ogeessota sab-qunnamtitiif akkasumas abbootii seeraaatiif leenjii laachuun waldiddaa yeroo ammaa hubatamu hanbisuun ykn xinneessuun ni danda'ama. Hubannoo waliigalaa uumuun rakkoon jiru akka maqu gochuuf kan karaa banu ta'a. Akkasumas Leenjiin laatamu barbaachisummaa kabajamuu seerota kanaafi qajeelfamoota ittiin bulmaataa sab-qunnamtiis haala dabalateen ta'uu qaba.

3. **Giddu Lixummaa Qaamolee Alaa Hanbisuu:** Yeroo ammaa qabatamaan kan mul'atu , haala bilisummaa manneen murtii fi mirga namoota himatamanii sarbuu danda'uu sagantaaleen adda addaa kan sab-qunnamtii biyya keenyaa fi naannoo keenyaan darban yoo ta'u, Sagantaaleen kunneen beekunis ta'ee doggogoraan, mirgoolee bu'uuraa heerri manneen murtii fi lammiilee (keessattuu namoota himataman ykn shakkaman) gonfachise dhiibuun kan tamsan yoo ta'u, haalli kunis itti fufinsa qaba taanaan bilisummaa manneen murtii sarbuun hawaasa wabii malee kan hanbisu waan ta'eefi guddina sirna dimokraasif kabaja mirga namoomaaf gufuu ta'a. Rakkoowwan gara fulduratti muudachuu danda'an hambisuuf, giddulixummaan qaamolee alaa, keessattuu qaama raawwachiiftu, hafuu qaba.

4.Ogeeyyii Qunnamtii Manneen Murtii (Media Spokesperson) Qabaachuu: Manneen murtii biyyoota adda addaa keessatti argaman ogeeyyii sab-qunamtii kan qaban yoo ta'u, inni kunis fooyya'iinsa waldiddaa qaamolee lamaan gidduu jiru xinneessuuf faayidaa guddaa qaba.

Sab-qunnamtii biyya keenyaa keessatti rakkoowwan mul'atan keessaa hubannoon waliigalaa dhabamuun isaa tokko akka ta'e ilaallee jirra. Ogeeyyi midiyaa(press liason Officers) qabaachuun rakkoo gama kanaan jiru salphisuuf ni gargaara. Ogeeyyiin kunneen itti gaafatamummaa adda addaa kan qabaatan ta'u, dhaabbilee sab-qunnamtiitiif dhimma mana murtii ilaalu irratti gorsuu , dhimoonni gabaasamanifi maxxanfaman odeeffannoo akkamii akka qabaachuu qaban kallatti ni agarsiisu, Manneen murtii bakka bu'uun , yeroo barbaachisaa ta'etti, dhimmoota mana murtee ilaalan irratti yaada ni laatu. Hundeeffamni gita hojii ofisara miidiyaa kanaa yoo xinnaate, yeroo gabaabaa keessatti, manneen murtii ol'aanaa irratti hojii irra kan ooluu qaba.

Caasaan ofisara miidiyaa kun, haala manneen murtii keessatti baratameen, tajaajila odeefannoo jalatti galus qofaatti dhaabbachus ni danda'a. Haata'uu malee gaheen hojii isaa ifatti kan adda ba'ee taa'uu qabuu fi dhimmoota sab-qunnamtii wajjii wal qabatan irratti qofa kan hojjatuu dha.

5. **Dhaabbata Waa'ee sab -qunnamtii Qoratu Hundeessuu**: Yaadni furmaataa kun baay'ee barbaachisaa fi wayitaawaa akka ta'e dha. Yeroo ammaa babal'ina teeknolojii, guddina diinagdee fi hawaasummaa, haala jireenyaa hawaasaa (life style) wajjiin wal-qabatee fi walitti dhufeenyi biyyoota adduynaa sababa gloobaalaayizeeshiniin dabalaa dhufuun gahee sab-qunnamtiin jiruuf jireenya keenya keessatti qabu akka baay'ee dabalaa dhufu taasisee jira. Oduu guyyaa guyyaan dhiyaatu irraa kaasee hanga olmaa gabaa, haala qilleensaa, hojimaata qaamolee mootummaa fi manneen murtii, sagantaalee bashannaa dabalatee sa-qunnamtiin qaama hawaasaa adda irraa bahuu hin dandeenye (integral part of the society) erga ta'ee tureera. Dhugaan kuni sab-qunnamtiin faayidaan fi miidhaan geessissaa jiran maal akka ta'e agarsiisu, jijjiirama hawaasaa, keessattu dhaloota haaraa irratti rakkoo fidu ykn faayidaa buusu, ilaalchisee qorannoo gaggeessuun yaada furmaataa yeroo yeroon akeekuu qaama danda'u , akka giddugalaa qorannoo miidiyaatti hundeessuun baay'ee barbaachisaa dha. Dhimmi manneen murtii dhimma hawaasaa waan ta'eef haaluma kanaan xiyyeeffannaan laatameefi qoratamuu qaba.

Uumamaan sab-qunnamtiin yeroo yeroon kan jijjjiiramu waan ta'eef jijjiirama dhufu kana haala qabatamaa hawaasa keenya wajjiin wal-qabsiisuun qorachuun rakkoowwan jiran adda baasuun , keessattu dhimmoota manneen murtii fi midiyaa ilaalan irratti hubannoon gahaan akka jiraatu gochuun rakkoowwan mul'atan akka gaaritti furuu nudandeechisa.

Haala hundeeffama dhaabbata kanaa irratti ILOQHQSO gahee ofii isaa taphachuu qaba. Hundeeffamni institiyutii midiyaa kun, akka giddugala qorannootti of danda'ee qofaa isaatti ykn Yunivarstiiwwaan biyyatti keessatti argaman (yoo xinnaate lama) keessatti akka institiyutii (giddugala) dhimma miidiyaa qofa qoratutti hundaa'uu danda'a.

6. Leenjii fi Waltajjii Marii Mijeessuu: Akka yaada furmaataa yeroo gabaabaa keessatti raawwatamuu danda'utti, leenjii laachuuniifi waltajjii waliinii abbootii seeraa fi sab-qunnamtii mijeessuun barbaachisaa dha. Rakkoowwan qaamole lamaan gidduu jiru furuuf, rakkoowwan hubannoo jiraniifii qorannoo kana keessatti adda bahan irratti leenjii gahaa ta'e laachuun waldiddaa (friction) xinneessuun ni danda'ama. Akkasumas dhimmoota waliinii ta'an irratti mari'achuun yaada furmaata qaamolee lamaanu hirmaachise maddisisuuf waltajjiin mijaahuu qaba. Akkuma armaan olii qaamoleen dhimmi isaan ilaalu,manneen murtii , sab-qunnamtiinii fi qaanmi raawwachiiftuu ILOQHQSO wajjiin ta'uun waltajjii marii mijaahaa qopheessuu qabu.

Wabiiwwan

I. Seerota fi Labsiilee

- Heera Rippabliika Federalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa, Labsii lakk.1/1987 , *Nagaarit Gaazexaa*

- Seera Yakkaa Rippabliika Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa, labsii Lakk.1996, *Nagaarit Gaazexaa*

- Freedom of the Mass Media and Access to Information Proclamation No.590/2008, *Nagaarit Gaazexaa*

II. Kitaabolee fi Barreeffamoota Adda Addaa

- Alexander S.L., (2003). Covering the Courts: A handbook for Journalists, Lanham: Rowman & Littlefield Publishers Inc.

- Bagga, B., (2006). Encyclopedia of Mass Media, New Delhi: Anmol Publications.

- Barak, A., (2006). The Judge In a Democracy, Princeton: Princeton University Press.

- Crone, T., (2002). Law and The Media , Oxford: Focal press.

- Lawrence, B., (2006). Judges and Their Audiences: A Perspective On Judicial Behavior, Princeton: Princeton University Press.

- Holsinger, R.L., & Dilts, J., (1997). Media Law, New York: McGraw-Hill Companies Inc.

- Overbeck, W. & Belmas, G., (2010). Major Principles Of Media Law, Boston: Wadsworth.

- Scheutz J.,(2001), Criminal Trial Process, (ed), Hand Book of Criminal Administration, (pp.205-208). Pennsylvania: Pennsylvania state University.

-Initiating and Maintaining a constructive dialogue, *A Work Book For Judges & Journalists*, National Judicial College.

- UN Basic Principles on The Indipendence of the Judiciary, endorsed by General Assembly Resolutions 40/30 of 29 Nov.and 40/146 of Dec.1985.

-Do the Media Influence the Judiciary? Sir Mark Potter, The Foundation for Law, Justice and Society.

-'The Constitution, the media and the courts', *Justice K.G.Balakrishnan, Chief Justice of India* (Kochi -August 9,2008).

-The Judiciary and the Media 2005-2006 Report, European Network of Councils for the Judiciary.

-The Effects of Pretrial Publicity On Juror Verdicts; A Meta Analytic Review, Nancy Mehrkens and Co. , *Law and Human Behaviour vol. 23, No 2, 1999,* American Psychology-Law Society.

- The Media and the Criminal Justice System: Fair Trial v. Free press An International Perspective, The Society for the Reform of Criminal Law, Dec.1995

III. Madda Intarneettii

http:// www.fljs.org

http:// www mcgrow-hill.com

http://www.judiciary.gov.uk

Tarree Maqaa Namoota Afgaaffii fi Marii garee irratti hirmaatan

1. Abbootii Seeraa

Ob. Jamaal Abbaabor.....M/M Aanaa Jimmaa

Ad. Faantaayee Rattaa .....M/M/Aanaa Jimmaa

Ob. Naziif She Imaam.....M/M Godina Jimmaa

Ob. Gammachuu Baqqalaa.....M/M /Godina Jimmaa

Ob. Abdulraahmaan Mohaammad.....M/M/Godina Jimmaa

Ob. Sintaayyoo Bareechaa .....M/M/Godina Jimmaa

Ob. Asfaaw Tasfaayee.....M/M/Aanaa Goomaa

Ob. Daani'eel Beellamaa.....M/M/Aanaa Goomaa

Ob. Gudii Wadaajoo.....M/M/Aanaa Sabbataa Hawaas

Ob. Taaddasaa Bayyanaa.....M/M/Aanaa Sabbataa Hawaas

Ob. Girmaa Waaqjiraa .....M/M/Aanaa Sabbataa Hawaas

Ob. Dhugumaa Nadhaa.....M/M/Godina Naannoo Addaa Finfinnee

Ob. Jamaal Qumbii .....M/M/Godina Naannoo Addaa Finfinnee

Ob. Daanyaachoo.....M/M/Godina Naannoo Addaa Finfinnee

Ad. Sannaayit Gaaddisaa.....M/M/Godina Naannoo Addaa Finfinnee

Ob. Taajuu Abdullaahii.....M/M/Godina Arsii Lixaa

Ob. Huseen Jirruu ..... M/M/Godina Arsii Lixaa

Ob. Gazzaahanyi Tarrafaa..... M/M/Godina Arsii Lixaa

Ob. Hirphoo Irreessoo.....M/M /aanaa Shaashamannee

Ob. Ismaa'el Mohaammad .....M/M /aanaa Shaashamannee

Ob. Tamasgeen Adaraa ..... M/M/ aanaa Shaashamannee

Ob. Yaasin Ibraahim .....M/M/ aanaa Gadab Asaasaa

Ob. Abdulqaadir Amaan.....M/M/ aanaa Gadab Asaasaa

Ob. Wubisheet Shiferraaw..... M/M Ol'aanaa Federaalaa

Ob. Eeliyaas T.....M/M Ol'aanaa Federaalaa

Ob. Girmaa Abbabaa.....M/M aanaa

Ad. Warqituu Qorichoo.....M/M aanaa

Ob. Abbabaa Taakkalaa.....M/M aanaa Ada'aa

Ob. Shiferraaw Baqqalaa.....M/M aanaa Ada'aa

Ob. Geetaachoo Tashoomaa.....M/M aanaa Ada'aa

Ob. Bahaar Abbaa Biyyaa.....M/M aanaa Adaamaa

Ob. Mohaammad Jimaa .....M/M Godina Shawaa Bahaa

2. Gaazexessitootaaf Hojjattootaa Waajjiraalee Adda Addaa

Gaazexessitoota

Ob.Ganaanaw Damissee ..... Dhaabbata Raadiyoo fi TV Itoophiyaa

Ob.Gizaachoo Darrib .....Dhaabbata Raadiyoo fi TV Itoophiyaa

Ad. Ileenii G.....Dhaabbata Raadiyoo fi TV Itoophiyaa

Ob. Idriis Gudatoo.....Raadiyoo Faanaa (FBC)

Ad. Zinnaash Ol'aanii.....Raadiyoo Faanaa(FBC)

Ob. Dammaqee Geetaachoo..... .Raadiyoo Faanaa (FBC)

Ob. Addaam Taaddasaa.....Raadiyoo Faanaa (FBC)

Ob. Wubaalem Tasfaayee.....Raadiyoo Faanaa (FBC)

Ob. Huseen Galchuu.....Dhaabbata Raadiyoof Tv Oromiyaa

Ob. Lammaa Gammadaa.....FM Faanaa Jimmaa

Ob. Taammiraat Dhiinsaa .....FM faanaa Jimmaa

Ob. Eeliyaas Gabrasillaasee.....Gaazexaa Kaappitaal

Ob. Taammiraat Tsiggee .....Gaazexaa Rippoortar

Waajjiraalee Biroo

Komaandar Abbabaa Laggasaa..... Komishinii Poolisii Oromiyaa
I/A/Komaandar Amanuu Shabboree..... Komishinii Poolisii Oromiyaa

Saajin Damissaw Bantii ..... Komishinii Poolisii Federaalaa
Saajin Abbabaa Tolaa (M.k.J).....Komishinii Poolisii Federaalaa
Ob.Ahimad Huseen .....Komishinii Mirga Namoomaa Itoophiyaa
Ob. Kaahisaay Gabrahiwoot.....Dhaabbata Abbagaar

Ob. Abdulrazaaq Kadiir .....Dhaabbata Abbagaar

Miiltoo Afgaaffii fi Bargaaffiiwwan adda addaa

A. Barggaaffii Abbootii seeraatiif dhiyaate

1. Dhimmoonni sab-qunnamtiin darbuu qaban isaan kam akka ta'an hubannoo qabdan akkamitti sadarkeessitu?

a) daran ol'aanaa b) ol'aanaa C) quubsaa d) gadi-aanaa

2. Abbootiin seeraa dhimma yakkaa murtee hin arganne tokko irratti dhaabbilee sab-qunnamtiif yaada isaanii ibsuu qabu jettanii yaadduu?

a) eeyyee b) lakkii

2.1. Debiin keessan eeyyee yoo ta’e dhimmoota akkamii irratti ta'uu qaba jettu?

a) dhimma yakkaa kamiyyuu irratti b) dhimma sadarkaa qorannoo irra jiru

c) dhimma mana murtiin ilaalamaa jiru d) kan biraa yoo jettan nuuf ibsaa

3. Dhimmi yakkaa tokko dhaabbilee sab-qunnamtiitiin uwwissa bal'aa argachuun isaa abbootii seeraa irratti dhiibbaa hin malle fida jettanii yaadduu?

a) eeyyee b) lakkii c) yaada biraa yoo qabaattan nuuf ibsa

3.1. Dhimmi qabatamaan isin muudate jiraa?

4 . Dhaabbilee sabqunnamtii irraa dhimmoota Mana murtii gahanii murtee hin arganne ilaalchisee gaafatamtanii beektu?

a) eeyyee b) lakki

4.1. Deebiin keessan eeyyee yoo ta'e akkamitti keessummeessitan?

5 . Dhaabbileen sab- qunnamtii dhaddacha irratti argamanii adeemsa isaa akka hordofani fi gabaasan eeyyamamuu qabaa?

a) eeyyee b) lakki c) yaada addaa yoo qabaattan nuuf ibsa

6. Yakkoota baayyee suukannaawaa ta'an yeroo sab-qunnamtiileen tamsaasan dhiibbaa manneen murtii keessattuu abbootii seeraa irratti fidu danda'an akkamitti ilaaltu? gama keessaniin wanti isin qunname jiraa?

7 . Mirga himatamaa fi mirga odeeffannoo argachuu lammiilee akkamitti keessummeessitu?

8. Mirga shakkamtoota akka bilisaatti tilmaamamuu fi gabaasaalee midiyaa akkamitti ilaaltu?

9. Hojiin dhaabbilee sab-qunnamtii bilisummaa abbaa seerummaa fi amantaa hawaasaa irratti bu'aa qabuu fi dhiibbaan fidu maali?

10. Bu'uurri seeraa hariiroo manneen murtii fi sab-qunnamtii kallattiin hoogganu isa kami? Gaaffiiwwan gama kanaan ka'aniif seerrii ykn hojimaanni deebii kennu isa kami?

B. Afggaaffii pirezidaantota manneen murtii sadarkaa adda addaatiif dhihaate

1. Walitti dhufeenya sab-qunnamtiilee fi manneen murtii akkamitti ibsitu?

2. Sagantaaleen manneen murtii fi hojii abbaa seerummaa irratti hojataman akkamitti hawaasaaf dhiyaachuu qabu jettu? Inni kunis seera kamiin hoogganamuu qaba?

3. Abbotiin seeraa dhaabbilee sab-qunnamtii akkamitti akka keessummeessu qaban hojimaata gargaaru qabduu?

4. Shakkamtoota (himatamtoota) akka nama yakka raawwateettii dhiyeessuu fi murteen laatamu akka gahaa hin taanetti qeequun amantaa ummatni manneen murtii irratti qabu irratti rakkoon fidu maalii? Qabatamaan dhimmi isin muudate jiraa?

5. Bilisummaa abbaa seerummaa fi fedhii odeefannoo sab-qunnamtii akkamitti wal simsiisun danda'ama jettanii yaaddu?

6. Mirga himatamtootaa dhimmi isaanii midiyaan xiyyeeffannaa fi uwwissa bal'aa argatte akkamitti ilaaltu?

7. Hojiimaata sab -qunnamtii wajjiin walqabatee fudhatama manneen murtii hawaasa biratti qaban akkamitti eegsiisuun danda'ama jettanii amantu?

8. Akka walii galaatti manni murtii keesan hariiroon sab-qunnamtii wajiin qabu maal fakkaata? Dhimmi qabatamaan ibsuudandeessan jiraa?

9. Dhaabbilee sab-qunnamtii irraa adeemsa dhaddachaa dhimma yakkaa kallattiin hordofuuf sab-qunnamtiiwwan keessummeessitanii beektu?

C. Gaaffiiwwan marii garee abbootii seeraa

1. Nama yakkaan himatamee ykn shakkame to'annaa jala oole akka yakkicha raawwate fakkeessanii dhiyeessuun manneen murtii fi mirga himatamaa irratti dhiibbaan fidu maal dha?

2. Akka biyyattis ta'ee akka naannoo Oromiyaatti seerri kallatiin walitti dhufeenya dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtii hogganu fi ifa ta'e jiraa?

3. Hojii irra oolmaan seerota dhimma kana wajjiin roogummaa qaban maal fakkaata?

4. Mirga odeeffannoo argachuu lammiilee, mirga himatamaa (shakkamtootaa), fi bilisummaa abbaa seerummaa akkamitti wajiin deemsisuun danda'ama?

5. Amantaa hawaasni manneen murtii irratti qabu eegsisuuf maaltu ta'uu qaba? Rakkoowwan armaan olitti ka'an furuuf maal gochuu qabna? Yaadolee furmaata akkamii kaa'uu dandeeyna?

C. Barggaaffii gaazeexessitoota sab-qunnamtii adda addaatiif dhiyaate.

1. Tamsaasni ykn maxxansi manneen murtii irratti hojjattan jijjiirama ilaalchaa hawaasa biratti fiduu danda'uu hubannoo keessa galchuu irratti of eeggannoon gootan

a) daran ol'aanaa b) ol'aanaa c) gad aanaa d) hin jiru

2. Gabaasaalee dhiheessuu irratti mirga shakkamtootaa hubannoo keesssa galchitu?

a) eeyyee b) lakki c) hubannoo isaa hin qabu

3. Yakkoota baayyee suukannaawaa ta'an yoo gabaastan dhiibbaa manneen murtii keessattuu abbootii seeraa irratti fidu danda'an ni xinxaltu

a) eeyyee b) lakki

4. Hubannoo daangaa hojii, mirgaa fi dirqama seeraa dhaabbilee sab-qunnamtii irratti qabduu?

a) eeyyee b) lakki

deebiin keessan eeyyee yoo ta'ee hubannoo keessan akkamitti sadarkeessitu

a) daran ol’aanaa b) ol'aanaa c) quubsaa d) gad aanaa

5 . Mirga shakkamtootaa (himatamtootaa) akka qulqullutti tilmaamamuu fi dhaddacha bilisa ta'etti haqa argachuu hojii keessan wajjiin akkamitti deemsistu?

6. Hirrinna hubannoo seeraa midiyaalee qabdan yoon ta’e, isa kana furuuf maaltu godhamuu qaba?

7. Mirga odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu hojii abba seerummaa wajjiin akkamitti walsimsiisuun danda’ama?

D.) Afggaaffii hoggantoota sab-qunnamtii adaa addaatiif dhihaate

1. Walitti dhufeenya sab -qunnamtii fi manneen murtii akkamitti ilaaltu? Haalli qabatamaa naannoo keenyaa maal fakkaata?

2. Sagantaaleen hojii fi hojiimaata manneen murtii irratti hojjattan amantaa hawaasni manneen murtii irratti qabuu hirrissuu danda'uuf dhiisuu isaa akkamitti ilaaltu?

3. Bilisummaa abbaa seerummaa akkamitti hubattu?

4. Tamsaasii isin dhimmoota yakkaa tokko tokko irratti dabarsitan dhiibbaa abbotii seeraa irratti fiduu danda'u akkamitti ibsitu?

5. Hubannoo seera midiyaalee keessattuu manneen murtii ilaalchisee ogeeyyiin keessan qaban akkamitti sadarkeessitu?

6. Ogeeyyiin keessan gama kanaan hubannoo qaban akka cimsatan tattaafiin gootan jiraa?

7. Sagantaaleen tamsaastan mirga himatamtootaa fi yakka rawwaachuun shakkaman heeran tumaman kan hin sarbine ta'uusaanii akkamitti mirkaneessitu?

8. Mirga dhuunfaa lammiilee fi mirga odeeffannoo argachuu hawaasaa akkamitti wal-simsiiistu?

E.) Afggaaffii hooggantoota fi raawwattoota waajjiiraallee poolisiif dhiyaate

1. Hubannoo walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi qaamolee sirna haqaa keessattuu manneen murtii irratti qabdan akkamitti sadarkeessitu?

2. Raawwi yakka tokkoo ilaalchisee sab-qunnamtiif odeeffannoo yeroo laattan mirga namoota shakkamanii akkamitti ilaaltu?

3. Namni kamiyyuu hanga manni murtii balleessaadha jedhee murtee kennutti mirga akka qulqulutti ilaalamu qaba seera jedhuufi sagantaalee shakkamtoota akka nama balleessaatti dhiyeessan akkamitti ilaaltu?

4. Yakka cimaa raawwatamee fi manni murtee hin ilaalle sabqunnamtiif haala kamiin ibsitu? Odeeffannoo yeroo laattan dhiibbaa abbootii sira irratti fiduu danda'u akkamitti ilaaltu?

5. Mirga odeeffannoo argachuu lammilee fi mirga namoota himatamanii ykn shakkamtootaa akkamitti waliin deemsisuun danda'ama?

6. Bu'uura seeraa ykn hojimaata sab-qunnamtii ittiin keessummeessitan qabdu?

7. Odeeffannoo sabqunnamtiif laattan ilaalchisee komiin isiniif dhiyaatee beekaa?

Afggaaffii hooggantoota fi raawwattoota Komishiinii Mirga Namoomaaf fi dhaabbata Abbagaar dhiyaate

1. Walitti dhufeenya sab-qunnamtiif sirna haqaa gidduu, keessattuu mirga namootaan walqabatee jiru akkamitti ibsitu?

2. Mirga akka qulqullutti tilmaamamuu shakkamtootaa fi odeeffannoo sabqunnamtiin darban akkamitti ilaaltu?

3. Sagantaaleen Tv fi raadiyoon darban tokko tokko namoota shakkaman akka yakka raawwatanitti haalli itti dhiyeessan ni jira. Dhiibbaa inni kun abbootii seeraa irratti fiduufi miidhaa mirga namoota himatamanii irratti qaqqabsiisu akkamitti ilaalama?

4. Dhimmoota yakkaa sab-qunnamtiin darban wajjiin walqabate komiin isiniif dhiyaate jiraa?[yoo jiraate akkamitti keessummeessitan?

5. Mirga odeeffannoo argachuu lammiilee fi mirga namoota himatamanii ykn shakkamanii akkamitti waliin deemsisuu danda'amaa?

6. Akka waliigalatti dhimma kana hoogganuuf seerri dandeessissu jiraa? Rakkoowwan akkanaa furuuf maaltu hojjatamuu qaba jettu?